Piroojeektota barnoota walta'iinsaa

Gabaasa do'annaa dirree

Piroojeektii dhageettii

Itiyoophiyaa

Onkoloolessa 1999

Piroojeektota barnoota walta'iinsaa

Sanadiin kun qaama piroojeektii barnoota walta'iinsaa CDA dhaan qajeelfamuu ta'ee kan qophaa'ee dha. Qaama walgahii ka'umsa piroojeektichaa fi mullata gartokkoo taasifamanii fudhatamanuutii sanadootiin kun wantoota haala adda addaatiin ka'anu beekuuf akka danda'amuufi haaloota adda addaa keessatti qaba tamoota dhimmummaadhaan ka'anu sakatta'uuf yaadamee kan barreeffamaniidha. Tokkoon tokkoon dhimmota sandicha keessatti caqafayanii amantaafi ilaalcha namoota yeroo sanadichi barreeffame turanii akkasumas hubannoowwan bakka bu'u.

Sanadoonni kun bu'aa isa dhumaa piroojeektichaa bakka hin bu'anu. Yeroo sanadoonni kun caqafamanutti carraaqqii barnoota walta'iinsaa hojiirra oolchuudhaaf sanadoota tajaajilanu ta'u Xumurawwan waa'ee argama sanadichaa jiranu marti dhimma tokko irraa ka'uudhaan kennuun hindanda'amu CDAn wayita gabaasonni kun qophaaanutti kanneen yeroo isaanii mooxannoo isaanii fi beekumsa isaanii arjooman akkasumas namootaa fi dhaabbattoota muuxannoo isaanii arjoomuuf heeyyamamaa ta''aniif arjoomaniif galateefannaa isaa ibsuu jaallata.

Piroojeektii kamiifuu sanadoonni barreeffaman hundi ifa ta'uu dhiisuu nidanda'u. Namoonni naannoo gabaasichi itti hojjatame keessatti argamanu naannoo itti hirmaatanii fi hawaasicha keessatti eenyummaafi nageenyummaan isaanii akka eegamuuf gaaffii wanta nuuf dhiheessaniif sanadoota kana iccitaawaa akka ta'anu goonee jirra.

PIROJEKTII WALGARGAARANII BARACHUU (CDA)

GABAASA PIROJECTII YAADA DHAGEEFFACHUU

ITOOPHIYAA
Onkoloolessaa 2006

Yaada ka'umsa pirojektii caqasuu

pirojektiin waliin ta'anii barachuu CDA hiriyoota baay'ee miti mootummee sadarkaa addunyaa, arjoomtota fi ejentoota biroo dhala namaa fi missooma irratti hojjetan waliin ta'uudhaan pirojektii waldhaggeeffachuu kan jalqaban yoo ta'u kunis ammoo yaada waliigalaa namoonni gargaarsa dhaabbtoota idil-addunyaa irraa argachuu qaban akka gaariittii fi sirna isaa qorachu dhaafi pirojektiin kun namoota gargaarsa sadarkaa addunyaatiin argatan keessatti sadarkaa hojii adda addaa irra kan jiranii fi muuxannoo fi beekumsa adda addaa qabana barbaada. Nuti namoonni/ qaamonni gargaarsa nammummaa irratti daangaa biyyootaa ceenee hojjenyu, gargaarsa misoomaa fi/ykn nageenyarratti hojjennu namoota gargaarsa akkasii fudhatan yoo dhaggeeffannaa ta'e qorannoo fi ilaalcha isaanii irraa baay'ee barachuu ni dandeenya. Namoonni (uummattooni) gargaarsa akkasii argatan kun gargaarsii sadarkaa addunyaarratti kennamu kun firii inni yeroo gabaabaa fi yeroo dheeraa keessatti qabu calaqisiisuu ni danda'u.

Yeroo waggaa lamaa keessatti pirojektiin kun biyyoota gara digdamaa ni do'ata. Biyyoota kana keessaa ammoo Itophiyaan ishee sadaffaadha. Pirojektii kanaan nuti namoota irraa waan dhageenyuu odeefannoo hunduma biyyoota hundarraa kan sassaabnu yoo ta'u odeefannoo sassaabnu kana ammoo hojii gara fuulduraatiif fayyadamuudhaan gara fuulduraatti fooyyeen akka dhufuuf tattaafii gochuudha.

Pirojektii yaada Dhaggeeffachuu, Itoophiyaa keessatti pirojektii dhaggeeffachuu (LP) hojii torban lamaa Itoophiyaa keessatti Onkoloolessa 2006 qixeessee ture. Pirojektii yaada dhaggeeffachyuu kanaaf keer intarnaashinaal, tajaajilli deebisanii dhaabuu kaatotiikii, CHF intarnaashinaal, koree birmachuu Addunyaa (internantional rescue committee), Meersii korps, oksfaam Ameerikaa, fi Seev xa Childran (daa'ima birmachuu) Ameerikaa CDA wajjin ta'uudhaan hojii dirree do'achuu gaggeessaniiru. Dhaabbileen gargaarsa idl-addunyaa (ejentoonni) kun hundumtuu hojichaatiif waan barbaachisan kan akka qarshii, humna namaa (hojjettoota) fi garggaarsa addaa addal kan akka geejibaa fi nama akka gaaritti simachuu ykn keessummeessuu) gumaachaniiru. Dhaabbanii CDA jedhamu kunis dhaabbilee (ejenntoota) armaan oliitii caqafaman wajjin kan hojjetan

qindeessitoota sadii gara Itoophiyaatti ergeera. Adeemsi waliin barachuu kan akka Pirojektii dhaggeeffachuu kun galma gahuu kan danda'u ejensoonni irratti hirmaatan hundumtuu sirriitti qooda isaanii yoo bahan qofa dha. Itoophiyaa keessatti warri qooda fudhatan deeggersa loogistiikii guddaa kennaniif galata guddaa argachuu malu.

Gareen LP gaafilee duraan dursee qixaa'an ykn pirotokoola gaafannoo irratti hundaa'anii hin hojjenne. Garuu akka nama dhuunfaa hojii arjoomaa irratti baba'e tokkootti, waa'ee hojii kanaa irraa dhagahuu akka barbaadnu itti himne. Namoonni kun nu wajjin taa'anii yaada isaan qaban akka nuuf qoodan gaafanne. Haala Kanaan, dhimma isaan ilaallatu irratti haasoo jalqabne. Nuti asirratti yaada dursaa fi mata duree fi kallattii kennuufiin dura akka isaan haasawan goone. Nammoonni nuti wajjin haasofnu akka isaan dhimma barbaadan kaasanii wal tajjicha dura bu'an goone.

Gareenn "dhaggeeffattoonni" Saddeet tokkoon tokkoon isaanii hojjettoota ejentoota hirmaattota pirojektichaa fi hojjetaa dhaabbilee idil-addunyaa tokko ykn CDA irraa hojjetaa tokko qabaachuun kan hundaaye Naannoolee afur Itoophiyaa jechuunis Finfinnee, Boorana (Aanaa Nageellee fi naannoo isaa), Harargee Lixaa (Aanota fi naannoo Daroo Labuu, Dooba, Mi'eessoo, fi ciroo), fi Naannoo Sabaa fi sablammii fi uummattoota kibbaa aanaalee fi naannoo Butajiraa, Masqan, shaashamannee, Alaabaa, fi Daalochaa) do'ataniiru. Haasawi tokko tokko namoota tokkoo ykn lamaan kan adeemsifame yoo t'au haasoon kan biroon ammoo garee namoota baay'ee qaba taniin adeemsifameera. (gareen kun namoota saddeeti hanga kudhalamaatti kan qabatedha).

Yeroo baay'ee haasowwiin kun dursanii kan qixaayan ottoo hin ta’in gareen LP haasoo kan eegalan Bulchaa Aanaa fi/ykn bulchaa gandaa quunamuun haasoo keessatti akka hirmaataniifi yaada isaan gargaarsa (arjoominsa dhaabbilee addunyaa) irratti qaban akkasumas nama biraa wajjin haasawuudhaaf akka eeyyaman gaafachuun eegala. Namoota dhaggeeffannu baayisuudhaaf jecha gareen baay'een itti gaafatamtoota misoomna qonnaa, daldaltoota, hojjettoota fayyaa, daayireektarroota mana barumsaa, barsiisota, fi barattoota hammateera. Iddoo huadumaattuu gareeleen namoota gargaarsa adunyaa argatanii fi hin argatiin akkuma argamaniin filachuudhaan haasoon godhameeraafi waldumaagalatti gareeleen hundumtuu namoonni isaanii wajjin haasawuudhaaf eeyyamoo akka ta’anii fi waan hubatan hundumaa ifaan ibsaniiru.

Naannolee afurii guyyoota shan keessatti gareeleen dhaggeeffattoonni haasoo 100 ol dheerinaa fi gadi fageenya qaban namoota 350 ol wajjin haasoo godhaniiru. Haasoon kun namoota gosaa fi amantaa adda addaa qaban, dhiiraa fi dubartii, jaarsolii fi dardara/ shamarran, qotee bulaa fi horsiisee bulaa (tikfattee), bulchiinsota aanaa fi gandaa adda addaa, durataa'ota hawaasaa,

namoota baadiyyaa fi magaalaa keessa jiraatan, akkasumas namoota sadarkaa angoo irra jiranii fi namoota dadhaboo/moggaatti darbaman kan hammate ture.

Namoota adda addaa kana dhageeffachuu keenyaaf nuti baay'ee eebifamtoota dha. Haata'uyyuu malee, naamoonni nuti dhageenye uumata Itophiyaa keessaa dhibbeentaa baaye xiqqoo akka ta'e nuti dhagahama. Kana waan ta'eefis yaada dimshaashaa baay'ee baldhaa ta'e kennuu dhaaf baay'ee nu rakkisa. Garuu, namoota adda addaa irraa yaada adda addaa baay'ee faayidaa qaban argachuudhaaf dandeenyeerra. Ji'oota dhufan keessatti yeroo iddo/bakka baay'ee do'annu yaada nama hundaa ta'e, akkaataa (haala) yaadaa, xumuraa fi qorannoo ni arganna jennee amantaa qabna. Kutaalee armaan gadi irratti gurraa fi qorannaa guddaa irratti adeemsisuu kan qabnu keessaa kan armaan gadii jiran kan namoota irraa dhageenye yoo ta'an isaanis akka armaan gadiitti ilaalamu.

Akka dubbiitiitti yaada dimshaashaa Itoophiyaa irrati.

Itoophiyaan beelaa fi hongee adda addaan waggoota afurtaman darban keessatti kna rukkutamte yoo ta'u inni baay'ee badaan garuu jeejee (beela) baraa 1973-74 fi 1984-85 ti. Kasaaraa namummaa (dhala namaa) yeroo ammaa Itoophiyaa keessa jiruun dabalata Itoophiyaan Eertiraa wajjin waraana keessa galuun bara 1998-2000tti kan wal lolte yoo ta'u yeroo ammaa kana waraana adda addaa Addoota bilisummaa Naannolee wajjin adeemsifamaa jiru irrattis hirmaachaa jirti. Hongeen, nageenya dhabuumsi keessaa fi naannolee, baayinni namootaa baadiyaa, babaldhinni HIV/Eedsii fi rakkinni cimaan midhaan nyaataa yeroodheeraaf ture kun biyyittiin garagaarsi isheen argattu akka baay'ee xaxamaa ta'u godheera. Dhimmi kun ammoo namoonno gargaarsi barbaachisaa dha akka jedhanii fudhataniif ka'umsa ta'uu danda'eera.

Mootummaa fi uummata Itoophiyaatiif gargaarsi godhamu baay'een isaa gargaarsa namummaa yoo ta'u yeroo dhiyoodhaan asitti garuu gargaarsi misoomaaf godhamu dabalaa jira. Itoophiyaa keessatti miti mootummeen idil-addunyaa dhibbaan lakaawammanii fi miti mootummeen biyya keessa, ejensii mootummoota biyyoolessaa (keessumaayyuu sagantaa nyaata Addunyaa) arjoomtota dhaabbilee amantaa, fi gargaarsa michummaa (kagam lachuu), ka damee adda addaa ykn ka mootummaa lamaa oli gargaarsa adda addaa Itoophiyaatiif kennaa turan Gabaasni baay'eenii fi madaallonni adda addaa sagantaalee ejentoota tokko tokkoo irratti fi pirojektota irratti barreeffamaniiru. Pirojektiin yaada dhaggeeffachuu kun garuu madaallii kana gala galchuuf ykn ammoo madaalli kana irra deebi'uudhaaf kaayyoo kan qabu otoo hin ta'in waan namoonni jedhan dhagahuu fi gargaarsota kennaman irratti yaada namoota waliigalaan fudhachuu dhaafi dha.

Wantoota dhageenye keessaa

I. Gosaa fi qulqullina gargaarsaa irratti

Itoophiyaa keessatti gargaarsi dhaabbilee idil-addunyaa seenaa yeroo dheeraa waan qabuufi haasoon keenya waan baldhaa kan hammate waan tureef jecha namoonni waa'ee gargaarsa **bayyaannataa** fi gargaarsa misoomaa adda addaa haasawaniiru.

Gargaarsa midhaan nyaataa irraatti

Namoonni baay'een gargaarsi midhaan nyaataa godhamu yeroo hongee fi jeejee (beeluu) lubbuu namoota baay'ee oolchuudhaaf akka barbaachisaa ta'e hubachiisaniiru. Jechoonni (ilaalchonni) kan akka " gargaarsa midhaan nyaataa malee namoonni baay'een ni du'u ture" fi " otoo dhaabbattoonni miti mootummeen hin jiran ta'e nuti hundi keenya dhumnee ykn duunee turre" kan jedhan naannolee hundumaatti kan dhagahaman turan. Jechonni kun kan dhagahaman naannolee midhaan nyaataa akka gargaarsa muummichaatti hin kennamneetti fi yeroo ammaa gargaarsi midhaan nyaaata iddoo (bakka) dhaabbate dabalateetu dha. Namoonni gargaarsa midhaan nyaataa baay'ee kan ajaa'ibsiiftan (barbaadan) yoo ta'u sababni kanaas ammoo "yeroo midhaan nyaataa dhabbatu" liqii liqeessitota irraa akka hin liqeeffanne ykn ammoo qabeenyaa isaanii baay'ee faayidaa qaban kan akka beeyiladaa akka hin gurguree waan isaan gargaaruuf jecha dha.

Haatta'u malee, namoonni baay'een baaxii gargaarsaa agarsiisaniiru. Akkka fakkeenyaattti namtichi tokko " gargaarsi hatattamaa yeroo qilleensa gadhee baay'ee barbaachisaadha. Gargaarri gaariidha. Garuu, kan akka sagaataa misoomaa ammoo gaafiin isaanii gaaridha. Wanntoota hiraman irratti baannaafa (gammachuu dhabiinsa xixiqqaa) ni jira. Haata'uu malee, waliigalaan namoonni gargaarsa kennamu kanaa wajjin wal simataniiru. Fakkeenyaaf namoonni nyaata akka qamadii fi dheedhii biroo kennaman gargaarsa duraan hin beekiin qopheessanii nyaachuu baraniiru.

Kana malees gabaasota makaa ta'an sagantaa nyaata dabalataa mana barumsaan walqabatan irratti dhageenyeerra. Namoonni tokko tokko akka jedhanitti Sagantaan nyaata akkasii kun garuu ijoolleen mana barumsaa akka hordofan (durbartoota dabalatee) faayidaa guddaa kenneera. Garuu,yeroo baay'ee ijoolleen barumsa hordofan dabaluun isaanii erga gargaarsi midhaan nyaataa addaan citee itti fufuu hin dandeenye.

Qabeenyaan akka dhinu (bakka duraanturetti akka deebi'u) fi uumuu irratti.

Namoonni baay'een akka jedhanitti sagantaaleen qabeenyaalee dhinuu fi Uumuu irratti xiyyeeffatan Itoophiyaan gargaarsa ariifachiisaa yeroo yerootti akkka hin saaxilamne godhaniiru. Miseennsonni waldaalee dubartootaa baay'een Pirojektii hormaata horii irratti boba'anii jiran akka agarsiisanitti dinagdeen of danda'uu isaanii qabeenyaa horii waan qabanii fi galii kanaan wal qabatee argamuun of danda'ummaan ol guuddateera.

Haata'u malee, hawaasota baay'ee keessatti waa'ee sagantaalee hormaata horii gargaarsa keenitoota biyya alaan gargaaramanii yoo dubbatan horii baay'een dhukkubaa fi tajaajilli manna yaalaa dhibamuu isaatiin dhumuu danda'aniiru. Namoonni xiyyeeffannaa kan kennan to'annoo laafaa (dadhabaa) irrattii fi paakeejii gargaarsaa guutuu hin taane irratti dha.

Naannoo tokko keessatti namoonni sagantaa beeyilada horsiisuu keessatti hirmaatan akka jedhanitti yoo ta'e deeggersi qarshii isaaniif godhamu lakkoofsa horii barbaachisaa ta'e bituudhaaf gahaa miti. Kunis kan ta'uu danda'eefii gurgurtoonni beeyiladaa naannoo sanaa gareen horii horsiisan madda qarshii miti mootummee akka fayyadaman waan beekaniif gati horii ol kaasu. Miti mootummeen idil-addunyaas dhimma kana waan baraniif xiyyeeffannaa kennuu eegalaniiru. Kanaaf hawaasa naannichaa waajjin wal ta'uudhaan dhimmichaatiif furmaata kennuudhaaf tattaafachaa jiru. Haata'u malee, yeroo miti mootummeen kun horii mataa isaaniitiin bitanis yoo ta'e gatiin beeyladoota kanaa ol ka'uunsaa hin hafne; yoo ta'es garuu miti mootummeen kun horii bitanii raabsaa akka jiran hawaasa naannoo irraa dhageenyeerra.

Guddina Bu'uura Misooma irratti

Namoonni baay'een akka jedhanitti karaa (daanndii) fi riqichi waan hojjetamaniif yeroo ammaa mandara, gabaa fi magaalota adda addaa quunnamuu danda'aniru. Namoonni baay'een akka jedhanitti mootumaa fi miti mootummeen idil-addunyaa ammas baayinnaan dandnii sadarkaa sadaffaa fi lammaffaa ijaaruudhaan quunnamtii isaan qaban, quunnamtii buufata fayyaa fi manneetii barumsaa wajjin qaban akka ol guddisuufii gaafataniiru. Fakkeenyaaf dubartoonni baay'een akka jedhanitti yoo Oomisha isaanii gurgurachuu barbaadanillee daandiin waan gadhee ta'eef gabaa gahuu hin dandeenye kana jechuun ammoo isaan naannoo isaaniitti qarshii gadi bu'aadhaan gurguru jechaadha. Kunis ta'uu kan danda'e daandiin gaarii waan hin jirreefi oomisha isaanii gabaatti dhiyyeessu wan hin dandeenyeefi dha.

Bulchaan aanaa tokko waa'ee mana barumsaa waggoota 30 dura ejensii mootummaa biyya alaan hojjetamee haasawee ture. Akka inni jedhetti qulqullinaan manneetiin barumsaa kun dhaabbilee miti mootummeenii fi mootummaan yeroo amma ijaaraman irraa baay'ee kan wayyanidha.

Namoonni akka jedhanitti manneetiin barumsaa naannoo isaaniitti ijaaraman tokko tokko taa'uumsa fi meeshaalee adda addaa waan hin qabaanneef ijoolle lakkoofsi isaanii baay'ee xiqqoo ta'antu barata. Kunis kan ta'uu danda'e ijoolleen lafa irra taa'uu waan hin barbaadheefidha.

Pirojektoota mootummaa fi miti mootummeen ijaaramman kan akka riqicha, jallisii fi bishaan kuusuu irratti yaada gaarii fi gadhee ta'e dhagenyeerra. Hawaasa tokko keessatti namoonni akkas jedhaniiru " Duratti biyyoon roobaan haxaawamee fudhatama ture yeroo ammaa kana garuu mootummaa fi miti mootummeen gobsoo (haroo) waan ijaaraniif mala qonnaa keenyarratti jijjiirama baay'ee argaa jirra. Gobsoon waan ijaarameef yeroo ammaa mukoota baay'ee qabaachuu dandeenyeerra. " Namoonni biraan ammoo" bishaan xurii dhugaa turre, garuu amma bishaan qullqulluu waan fayyadamnuuf nageenyi fayyaa keenya eegamoo dha" jedhaniiru.

Namoonni biroon ammoo waa'ee bishaaniin wal qabate yoo haasawan; waa'ee bishaan goganii ykn ammmoo waa'ee bishaan si’a tokkoofillee faayidaa hin keninee ykn waa'ee madda bishaan bakka fagootti hojjetamanii uummataaf faayidaa tokkollee hin kenninee haasawaniiru. Namoonni biroon ammoo waa'ee ijaarsa gobsoo sirna qabeenya uumamaa naannichaa irra badii inni geeessisee haasawaniru. kana malees, namoonni baay'een waa'ee bishaan kuufamanii faayidaa tokkollee hin kenninee haasawaniiru. kana malees bishaan

Kuufaman kun madda dhibee busaa ta'uudhaan dhukkuba busaa babaldhisuu danda'aniiru. Bishaan kurii baay'ee keessatti kuufaman hurree ta'uudhaan akka fixeensa ganamaa badaniiru jedhaniirru. Kun ammoo hurraa'anii baduu kan danda'an sababa dhabiinsa pilaasttikii ykn ammoo yeroo ijaaraman pilaastikiin faayidaa irra oolan sadarkaa qulqullinni isaanii kan hin eegne waan ta'aniifii.

Gargaarsa qonnaarratti

Namoonni baay'een akka jedhanitti leenjiin mala qonnaa fi to'annaa qabeenyaa Uumamaa irratti kennaman hawaasa baay'ee fi namoota dhuunfaa guddaa kan gargaaran yoo ta'u kunis ammoo mala fooya'an galoo (terrace) kunuunsa biyyoo fi haala biqiltuu itti dhaaban irratti barumsa argataniinidha.

Namoonni baay'een leenjii fudhatan akka jedhanitti haalli qonnaa isaanii yeroo ammaa kan guutuutii fiixa gahuu fi kan itti fufu danda'u" ta'uu isaa agarsiisaniiru.

Namtichi tokko akka jedhetti " Namoonni leenjii fudhatan as waan jiraniif hawaasaaf barnoota kennaa jiru. Barumsi Kunis dhaloota gara dhalootaatti kan darbuu dha" jedhaniiru.

Haata'u malee namoonni biroon ammoo yeroo waa'ee qonnaa haasawan akka agarsiisanitti pirojektoonni qonnaa waa'ee naannichaa otoo hin qo'atiin naannoo biroodhaa kan galagalfamanidha jedhaniiru. Karaa tokkoon yoo ilaalamu ejensiin tokko nama naannicha keessa jiran tokkoyyuu otoo quunnamee waa'ee biyyee naannoo sanaa hin gaafatiin sanyii midhaanii raabsee sanyiin raabsame kun otoo hin biqiliin hafeera. Namoonni baay'een ammoo qulqullinni sangantichaa baay'ee dadhabaa akka t'ae yoo ibsan sanyichi firii tokollee kan hin kennineefi sanyiidhuma kana hordofani jijjiiruudhaaf ammoo yaaliin godhame akka hin jirre dabaluun ibsaniru. Hawaasni tokko tokko ammoo akka ibsanitti miti maatummeen tokko tokko vaawucharii sanyii raabsuudhaan qotee bulaan akka gurgurtoota naannoo irraa bitan godhaniiru. Garuu, gurgurtoonni (daldaltoonni) naannoo ammoo qotee bulaa kan sanyii qulqullummaa isaa hin eegne itti gurguraniiru ykn ammoo yeroo safaran (madaalan) qotee bulaakana goowwomsaniiru.

Ijaarsa fi Dandeetti irrattii

Nammoonni baay'een akka jedhanitti leenjiin ijaarsaa fi dandeetti miti mootummeen kennaman beekumsa haarawaa uummata waan barsiisaniif haawaasni jijjiiramuu isaa haasawaniiru. Akka Bulchaan aanaa tokko ibsetti yoo ta'e miti mootummeen tokko garee namoota naannoo sanaaf leenjii hojii ijaarsaa (konistiraakshinii) irratti waan kenneef namoonni naannoo sanaa hojii konistiraakshinii naannoo sanatti hojjetamu irratti bobba'anii akka hojjechaa jiran ibseera. Haala kanas akka walitti dhufeenya gaarii bulchiinsa Aanaa fi miti mootumnaeetti fudhachuu danda'eera.

Namoonni baay'een akka jedhaniitti, leenjiin waa'ee harma hoosisuu fi daa'ima midhaan jalqabsiisuu irratti kennaman, qulqullina, mala nyaataa, fi mana fincaanii ijaaruun fayyaa isaanii fi ijoollee isaani baay'ee fooyyessuu danda'eera. Hawaasa tokko keessatti miti mootummeen idil-addunyaa pirojektii adda addaa irratti yeroo baay'eef hojjecha ture tokko namoonni baay'een leenjii miti mootummee kana irraa argatan baay'ee faayidaa akka qabu ta'uu yoo ibsan " qabeenyaalee haala gaariin akkamitti kunuunsuu akka danda'anii fi nyaata adda addaa yeroo adda addaatti nyaachuu akka qaban hubachuu isaanii ibsaniiru.

Qonnaan bultoota fi tikfattee birattis haaluma wal fakkaataatu muldhata. Kunis leenjiin deessiffoota aadaa fi leenjiin malli yaalaa beeladaa hawaasaaf kennanmu baay'ee akka fayyade ibsaniiru. Niitiin akka deessiftuu aadaatti leenjite tokko akka ibsitetti" beekumsi sammuu keenya keessa jira jetteetti. Namoota

biraattillee dabarsuu kan dandeenyu yoo t'au namni nurraa fudhachuu danda'u hin jiru." Jetteetti

Naannoo tokotti dubartoonni /baayeen akka jedhanitti qusannaa maatii fi tajaajila hormaataa fayyaa karaa kellaafayyaa kennamu baga nagaan dhufte jennee fudhanneerra yoo jedhan dubartoonni xiqqoon garuu maatii isaanii keessa murtee barumsa qusannaa maatii irratti dhibbaan akka irra gahu haasawaniiru.

Namoonni tokko tokko waa'ee saalaa irratti leenjiin isaan bulchiinsa mootummaa Naannoo irraa fudhatanii fi namoonni baay'een dubartoota fedhii isaanii malee akka hin fuune waan barumsa argataniif jecha yeroo ammaa kana butiin baay'ee hirdhateera. Miseensonni hawaasaa baay'een akka yaada kennanitti " duratti ijoollee dhiiraa qofa mana barumsaatti ergina ture yeroo ammmaa kana garuu gandi leenjii dhimma kanarratti kennaa waan jiruu gandi leenjii dhimma kanarratti kennaa waan jiruuf ijoollee durbaa kenya gara mana barumsaatti ergaa jirra. Kanaafis ijoolleen keenya gara gabaa dhaquu fi gatii gaarii irratti walii ni galu."

Namoonni naannolee lama nuti do'annetti ammoo akka ibsanitti leenjiin dhibeen HIV/Eedsii fi dhimma saalaa irratti kennaman walitti dhufeenya abbaa mana fi haadhamanaa gidduu jiru fooyyessaniiru. Miseenonni. Hawaasa baay'ee akka jedhanitti miti mootummeen biyya keessaa waa'ee dhaqna qabaa ijoollee durbaa irratti barumsa waan kenneef gochi akkasii hafuu isaa ibsaniiru. Barattoonni sadarkaa lammaffaa dhiiraa fi dubartoonni yaadni isaan hojii dubartootaa mana keessaa fi hawaasa keessatti qaban jijjiiramuu isaa ibsaniiru. Ijoolleen durbaa barattoonni sadarkaa lammaffaa akka nutti himanitti" dhiirrii fi dubartiin wal qixxee akka ta'an ni beekna garu warri dhiiraa jecha kana hin jaallatan jedhaniiru. Kana ammoo mormuu keenya itti fufna. Jijjiiramni yeroo baay'ee barbaada."

Miseensonni hawaasa tokko tokko akka jedhanitti gahee dubartoonni hawaasa keessatti qaban leenjii miti mootummeen dubartootaaf kenne irraa kan ka'e dubartoonni hawaasa keessatti hojii adda addaa irratti hirmaachuuf danda'aniiru. Naanoo horsiisee bulaatti, dubartoonni baay'een qabeenyaa dhuunfaa mataa isaanii godhachuu jalqabaniiru. Dubartoonni baay'een naannoo biraa jiraatan akka jedhanitti " walitti dhufeenyi abbaa manaa isaanii wajjin qaban baay'ee fooyya'eera. Yeroo ammaa nuti galii maatiii keenyaaf gochaa jirra. Abbaan manaa kootii kana baay'ee ajaa'ibsiifate" Namoonni (dhiirri) baayeenis" sababa miti mootummeen pirojektii isaaniitiif dubartoota qacaraniif jecha, duubartoonni waan hundaa akka hojjechuu danda'aniittti fudhachuu fi dhiira wajjin wal-qixxee akka ta'an hubanneerna" jedhaniiru.

Namtichi tokko ammoo akka jedhetti" maddi rakkinoota hundumaa beekumsa dhabiinsa dha." Namtichi tokko akkas jedhee ture" namoonni waa'ee ejensii liqii fi leenjii kennu tokko nuti himanii ture, liqichis booddee akka deebi'ee kaffalamu nuti himaniiru. Garuu, namoonni tokko tokko akka jedhanitti leennjii haarawaa isaan yaadachiisu barbaadu. Keessumaayyuu jiraattota hin baranneef. kun ammoo kan ta'e jarri kun jarri (jiraattonni) kun yaadannoo ykn kitaaba barreeffame jiru ilaalan waan hin qabneenfidha. Namni leenjii tokko irratti hirmaate tokko akka ibseetti" yoo dhaabbanni kun hardha deeme (gadhiise) kan nuti baranne nu wajjin hafa. Nuti kan barannu dhaabbata kanaaf otoo hin ta'iin ofii keenyaafi.

Haata'u malee, namoonni tokko tokko ammoo leenjii gaggeessuadhaaf qabeenyi dhabamuu isaa haasawu. Fakkeenyaaf qotee bulaan tokko tokko waa'ee sanyii filaamaa fi xaa'oo irratti leenjii kan fuudhatan yoo ta'anillee xaa'oo fi sanyii filatamaa garuu hin argatan, gabaa irraas bituu hin danda'an. Kana malees, namoonni waa'ee leenjitoota irratti leenjitoonni miti mootummeen leenjifaman akka barbaachisaa ta'eetti miseensota hawaasaa leenjisuudhaaf hin dandeenye.

Pirojektii yaada dhaggeeffachuu Gosaa fi Qulqullina gargaarsaa irratti

Bara 1980 irra eegalee jeejeen hamaan Itoophiyaa keessatti hin uumamne jechi jedhu hawaasni addunyaa fi mootummaan Itoophiyaa invastimantii fi midhaan nyaataan of danda'uu fi gargaarrsa midhaan nyaataa naannolee adda addaatti godhaman to'achuu qabu. Haata'u malee, jeejeen lubbuu fi hojii qotee bulfaa fi horsiisee bulaa nyaataaf qofa oomishu balleessaa jira.

Gareen pirojektii dhaggeeffachuu waa'ee leenjii beekumsaa fi ogummaa irratti kennan irratti waan gadhee haasawu yoo ta'e gaafii dhiyeessineefii ture. Gareen LP kun haasoo kana yoo qoratan kan argatan gaafii namoonni itti fufiinsa leenjii fi dhiibbaa inni qabu irratti kan jiru dha. Namoonni akka jedhanitti gatii leenjiin guyyaa tokkoo fi leenjifootaan leenjiin kennaman hordoffii malee bu’aa mal qaba jedhaniiru. Yoo rakkinoota jiran kan akka faginaafaa kaafnu wiirtuuleen leenjii magaalota keessatti argaman waan fagaataniif namoonni baay'een leenjii hawaasa keessatti kennaman baay'ee akka fayyadan yaada kennaniiru.
Namoonni baay'een meeshaalee fi tajaajilli kennaman qulqullina akka hin qabne yoo dubbatan namoonni muraasni ammoo waldaaleen gargaartotaa to'annaa fi hordoffiin isaan godhan baay'ee xiqqoodha jedhaniru. Dhaabbileen gargartotaa garuu tajaajillii fi meeshaaleen isaan kennan qulqullinaa sadarkaa ol aanaa waan qabaniif qabeenyaa uumamaa irra miidhaa akka hin geessisne ibsaniiru. Irra deddeebiidhaan haasoo gooneen beekuun kan dandeenye ejensoonni (dhaabbattoonni) gargaarsaa sadarkaa kana irra akka hin geenye ibsaniiru. Gaafiin fufiinsa qabu inni biraanii fi qorannoo barbaadu kan LP fi kan biroo kun

maaliif ta'uu danda'e? kan jedhu dha. Nuti otoo beeknuu maaliif meeshaalee fi tajaajia haala hawaasa wajjin hin adeemne hanga yoomitti raabsaa itti fufna kkf.

II. Deebisanii dhaabuu fi gargaarsa misooma irratti

Namoonni baay'een akka jedhanitti gargaarsi namummaa miti mootummeen kennaman misooma wajjin kan wal hin fudhanne (gargaarsa misoomaa) waan hin taaneef jecha gargaarsonni godhaman namoonni qabeenyaa isaanii akka irra deebisanii dhuunfatanii fi saaxilama hirdhisuudhaaf hin dandeenye. Namoonni baay'een yoo haasawaan akka jedhanitti dhaabbileen gargaantotaa fi ejensoonni arjoomaa rakkinaaf saaxilamuufi hiyyummaa hirdhisuuf baay'ee invastii akka gochuu qaban haasawaniiru. Namni hundumtuu gargaarsa yeroo rakkinaa fi deebisanii ijaaruuf godhamu ni ajaa'ibsiifata. Haata'u malee, namoonni baay'een akka jedhanitti" gargaarsi nyaataa qabeenyaa horuu ta'uu hin danda'u." Namoonni yoo gargaarsa arganellee miti ammas hiyyessa dha jedhaniiru. " Gargaarsi lubbuu oolchuudha garuu jireenya jijjiiruu miti" jedhaniiru." Dhaabbileen gargaarsaa hiyyumaa balleessanii jireenya namaa irratti jijjiirama fiduu qabu."

Namoonni tokko tokko yoo jecha qo'annaa isaanii kennan ' Qarshiin gargaarsaaf ramadamu jijjiirama barbaachisaa ta'e fiduudhaaf hin dandeenye." Namni ganda tokko keessa jiraatu akka jedhettis" gabaasa raadiyoo " irraa baayina qarshii Itoophiyaatiif kennamu akka dhagaheefi" kun ammoo waan nuti barbaannu nuuf guutuu kan qabu ture" jedhee itti dabaluun ammoo" miliyoonota kennaman irraa jijjiirama baay'ee arguudhaaf hin dandeenye." Inni akka hubatettis taanaan" qarshii baay'een kan jiru gargaarsa deebisanii ijaaruu irratti malee gargaarsa misoomaa irratti hin fakkaatu" jedheera. Namtichi tokko ammoo gargaarsa waldaalee idil-addunyaan kennaman kan isa shakkisiise ta'uu haasawuudhaan akkas jedheera"qarshiin gargaarsa dhaabbilee addunyaan yoo kan kennaman ta'ellee qarshiin gargaarsaa guutummaan guutuutti as hin gahu jehdeera. Qarshiin kun hundumtisaa akka as hin geenye amantaan qaba" jedheera.

Namoonni baay'een akka agarsiisanitti disentaraalizaashiniin angoo mootummaa bara 2003 kan eegale yoo ta’ellee mootummaa fi dhaabbileen gargaarsa bayyaannataa gara gargaarsa misoomaatti adeemaa akka jirani hubachiisaniiru. Haata'u malee, maxxantummaa fi gargaarsa deebii sanii ijaaruu/bayyaannataa irratti baay'een hojjetamuu akka qabu adeessaniiru.

Maxxantummaa irratti

Namoonni baay'een gorgaarsa biyya alaa irratti maxxanuu akka hin barbaadne ibsaniiru. Namoonni baay'een waa'ee gadhummaa gargaarsa yoo haasawan" Harki nama biroo hudhee namaa ajjeesa ykn ammo nama xiqqeessa jedhaniiru. Jiraatttooni ganda biroo ammoo akka ibsanitti "pirojektoonni mootummaa fi miti

mootummee kun yoo bor gadhiisanii adeeman nuti gara hiyyummaa keenyaatti deebina" jedhaniiru. Jaarsoliin hawaasa qotee bulaa fi horsiisee bulaa akka hubatanitti" gargaarsi bakkee yoo gara biyya keessaa galu [seenu) hojii kennya akka irraanfanu waan godhniif kan irraa faayidaa baay'ee hin arrgannu. Gargaarsa midhaan nyaataa godhamuun yoo yeroo jeejee ta'e malee jijjiirama baay'ee hin eeginaa. Barsiisuu fi gurmeessuun hojii isaa duuraati."

Namoonni baay'een ammoo akka jedhanitti gargaarsi yeroo dheeraa keessa"Namni hojii akka hin hojjennee fi gaargaarsuma qofa akka eeggatu gadha." Namtichi tokko akkka jedhetti "rakkinni gargaarsi fidu keessaa tokko namoonni akka xiqqaa hojjetan godha. Haata'u iyyuu malee mootummaa irratti maxxanuun fokkisaa miti." Gargaarsa yeroo rakkina godhaman gara fuulduraatti fooyyessuudhaaf nyaataa fi fayyaa beeyiladaa eeguun namoonni beeyilada isaanii akka eeggatan gochuu dha. Kun ammoo namoonni hatattamaan of danda'uudhaan miila isaaniin akka dhaabbatan godha."

Hawaasa tokko tokko keessatti ammoo namoonni akka jedhanitti pirojektoonni haala waliigalaa irratti xiyyeeffatan kan akka mala jireenyaa hawaasota filatamoon akka rakkina isaanii hiikkatan isaan gargaareera. Waliin hojjechuudhaaniifi leenji fudhataniin akka baay'ee gargaarsa irratti hin maxxannee fi mataa isaanii irratti akka amantaa godhatan isaan gargaareera.

Hundee ka'umsa rakkinaaf saaxilamuu

Namoonni akka gargaarsa irrattti hundaawan kan godhan rakkinoota armaan gadii ta'uu isaanii ibsaniiru. Yeroodhaa gara yerootti qabeeny lafaa hirdhachaa dhufuu isaa kun ammoo kan ta'uu danda'eef lafti dhaloota gidduutti waan hiramuufi yoo ta'u, kana malees ammoo qabeenyaalen gahaa ta'an waan hin jirreefidha. Qoteebulaan lafa kiraadhaan mootummaa irraa fudhata kanaafuu eeyyama mootummaa malee lafa kan gurguruus ta'e babaldhisuu hin danda'an.

- Guddinni baayina ummataa baadiyyaa keessatti baay'eedha. Kana malees, mootummaan qusannaa maatii fi baayina irratti qajeelfama hin kennu. Dubartoonni tokko tokko qusannaan maatii akka barbaachisaa ta'e addeessaniiru.

- Amalli qilleensaa hin tilmaamamnee fi roobni xiqqachuu isaatiin hongeen yeroo yeroodhaan uumamuu isaa tiin gargaarsa miidhaan dhaabbilee gargaarsa addunyaa irratti akka hundaawan isaan gochuu isaa dubbataniiru. Namtichi tokko yoo haasawu "otoo bokkaa baay'ee qabaanne, nyaata gahaa arganna ture" jedhee ture. Namtichi tokko ammoo waa'ee maxxantummaa midhaan nyaataa agarsiishudhaaf yoo haasawu" Asitti yoo roobuu baatellee rakkinni hin jiru, kaanaadaa biyya irraa qamadii arganuutti yoo roobe nu gaha" jedheera.

- Qotee bulaa fi horsiisee buloonni midhaan nyaataaf qotan odeeffannoo, leenjii, fi beekumsa waan hin qabneef mala qonnaa isanii fooyyessuudhaafi midhaan qonnaa isaanii babaldhisuudhaaf hin dandeenye. Namoonni yoo haasawan" miti mootummeen namootaaf qurxummii kennuu otoo hin ta'in akkamittii akka qurxumnii qabatan barsiisuu qabu." jedhaniiru.

- Qoteebulaa baay'een malli qonnaa isaan adeemsisan yeroo dheeraa keessa lafa kan miidhe yoo ta'ellee filannoo biraa maatii isaanii itti bulchan waan hin qabaanneef itti fufaniiru. Namoonni tokko tokko ammoo mootummaan namoota lafa qonnaaf ta'an irratti akka isaan safarsiisu gaafataniiru. Haata'u malee namoonni tokko tokko ammoo gara naannoo biraatti deemanii qubachuun dubbii kakaasa (namoota naannoo wajjin walitti nanabuusa jedhaniiru.

- Qotee bultoonni sanyii filatamaa fudhatan hundumtuu xaa'oo barbaadu kana ammoo yeroo baay'ee liqiidhaan argatu. Liqii xaa'oo kana deebisuudhaaf ammoo baay'een isaanii qabeenyaa isaanii gurguru. Namoonni baay'een "xaa'oo mootummaa irra yoo kan argatan ta'ellee isaan gargaaruu dhaaf hin dandeenye, Xaa'oo argachuudhaaf liqeeffachuu qabna garuu deebisnee kafaluudhaaf hin dandeenyu jadhaniiru. Ijoollee keenyallee sirriitti nyaachisuudhaaf hin dandeenyu. Yeroo ammaa liqiin mootummaa gara qarshii 200 tu nurraa jira" Akka amantaa isaaniitti mootummaan gati xaa'oo yoo hin to'atu ta'e qabeenyaa isaanii dhabaa akka deeman ibsanii jeejeefis itti fufiinsaan akka saaxilamanii fi oomishni akka hirdhisu agarsiisaniiru.

- Hawaasni baay'een bishaan qulqulina hin qabneenii fi hanqine jallisiitii wajjin waldhaansoo qaba jiru.

- Namoonni baay'een akka jedhanitti liqii argachuudhaaf carraa isaa kan hin qabneefi kaapitaala hojii ittiin sochoosanii fi galii maddisiisan hin qaban. Namoonni akka ibsanitti araaxaan liqii mootummaa waan baay'ee ta'eef jecha (%40) liqii fudhachuudhaaf hin dandeenye. Haallli kun ammoo a) liqaa argachuun baay'ee ulfaata fi rakkisaa ta'uusaa b/ Hojicha eegaluudhaaf qarshiin gahaa ta'e akka hin argamne fi C) Liqii deebisanii kafaluudhaaf baay'ee ulfaataa akka ta'e agarsiisa.

Hawaasa hatattamaan deebisanii dhaabuu fi mala ittiin hojii irraa oolu

Namoonni yeroo gadhee irra akkamitti hafuu akka danda'an ibsaiiru. Namoonni tokko tokko akka jedhanitti kasala, qoraan, lafa isaani gadhiisanii hojii guyyaa barbaaduuf deemna jedhaniini. Namoonni tokko tokko ammoo biqiltoota hongee

irraa hafuu danda'aa kan akka maangoo fi roqaa dhaabuuf baay'ee akka yaalii godhan haasawaniiru. Namooonni biroon ammoo qabeenyaa isaanii gargaarsa argatan dabalatee namoota baay'ee miidhamaniif ni hiru. Naannoo horsiisee bultootaa tokko tokkotti namoonni qonnaa midhaan nyaataaf (yoo xiqqaateyyuu) jalqabuu isaanii ibsaniiru. Naannoo tokko tokkotti ammoo dubartoonni akka jedhanitti midhaan grgaarsaan kennameefii yeroo rakkinaaf tursuudhaan yeroo rakkisaa ta'etti fayyadamna jedhaniiru. Warri biroon ammoo yeroo bokkaan roobbuuf sanyii ni keenya jedhaniiru.

Namoonni baay'een waa'ee pirojektoota miti mootummee yoo haasawan pirojektoonni kun akka isana tokkummaan waliin hojjetan waan gargaaree galiin isanaii dabaluu isaa haasawaniiru. Warri dubartootaa akka jedhanitti ammoo yeroo walii wajjin hojjetan humna godhanna jedhaniiru. Fakkeenyaaf dubartoonni hojii suphee hojjetan miti mootummee irraa horii ittiin eegalan waan argataniif waldaa hojii suphee mataa keenyaa banachuu dandeenyeerra jedhaniiru.

Hirmaattonni ammoo "Nuti yeroo ammaa ogummaa fooyya'e qabna" jedhaniiru. "Duraan suphee keenya qarshii baay'ee xiqqaa ta'een gurgurra jedhaniiru. Kanaafuu, maatii keenyaaf gali gahaa ta'e ni arganna jedhaniiru. Amma ijoollee keenya mana barumsaatti ergachuufi huccuu isaaniif bituu ni dandeenya jedhaniiru."

Namoonni biroon ammoo waa'ee pirojektii gareen bulanii fi itti gaafa tamummaan waan hin jirraanneef itti fayyadamni sirrii ta'e akka hin jiraanne ibsaniiru. Bakka tokkotti garee qusannaa dubartootaa gargaartotaan dhaabbata tokko haasofsiifnee kan ture yoo ta'u gareen kun qarshii isaanii bakkuma kaawwatan illee hin beekan. Hojiin akkasii kun ammoo akka namoonni kun wal hin amanneefi liqii mata isaaniitiin gaafatan isaan godheera. Kun ammoo akka isaan wliin hin hojjenne gochaa jira. Namoonni fakkeenya baay'ee kan fudhatan yoo ta'u isaan kana keessaa ammoo qabeneyaa sirriitti bulchuu dhabuu, to'annaa dhabuu fi hojiin ifa hin taane jiraachuu isaa ibsuudhaan gochoonni akkasii kun yeroo garee hundeessan gargarsa muti mootummee fi mootummaa irratti akka hundaawan ibsaniiru.

Muldhata gara fuulduraa fi gargaarsa misoomaa

Namoonni baay'een gara fuulduraatti haala gargaarsi misooma irratti xiyyeeffate haala fooyy'e irratti yaada kennaniiru. Namoonni baay'een akka agarsiisanitti maxxantummaan gargaarsa irratti jiru kan hirdhisu pirojektoonni yoo haala ijaarsa qabenyaa irratti xiyyeeffatanidha jedhaniiru. Namoonni tokko tokko ammoo sagantaa hojii (haala jireenyaa) fi sagntaleen beeyiladaa babaldhachuudhaan nammoonni baay'een akka fayyadaman gochuu qabau. Namoonni baay'een ammas hojii qonnaa fi beeyiladaa irraa gara hojii biraatti

jijjiirrachuu qabu kun ammoo kan barbaachisaa ta'e lafti lakkoofsa namaa baay'ate qabachuudhaaf hin danda'u. Namoonni tokko tokko ammoo pirojektoonni galii maddisiisan pirojektoota qonnaan ala jiran magaalaa keessatti xiyyeeffannaa gochuu qabu jedhaniiru.

Akkuma kutaa misooma bu'uuraa irratti caqafametti namoonni guddina misooma bu'uura kan akka humna ibsa, jallisii, riqichaa fi daandiitiif gatii guddaa kennu. Gara fuulduraatti misoomaa fi saxilamuu hirdhisuudhaaf qonnaan bultoonni gabaa wajjin quunnamtiin qabaan guddachuu qaba. Horsiisee bulaanis akka agarsiisetti oomisha horii gabaatti yoo dhiyeessan qarshii baay'ee argachuu dandeenya jedhaniiru.

Namoonni baay'een barumsi dabalataa yoo kennameefii carraa hojii akka isanaiif banu yoo haasawanillee namoonni tokko tokko ammoo barumsa yoo fixanillee akka hojii hin arganne ibsaniiru. Namoonni tokko tokko ammo hojiin rakkina saaxilamuu yeroo dheeraa hirdisuudhaaf barbaachisaa akka ta'e ibsaniiru, keessumaayyuu ammoo gandootaa fi magaalota keessa namoonni jiraatan "nuti hojii ni barbaadna jedhaniiru."

Naannoo qotee bulaa fi horsiisee bulaa tokko tokkotti ammoo akka namoonni jedhanitti namoonni haala leenjii beeyiladaa fi tajaajila fayyaa horii akkasumas teekniika qonnaa irratti jechuunis kan akka biyyee kunuunsuu irratti barumsi gahaan yoo kennameefii haala qonnaa fi oomisha isanaii ni guddisa jedhaniiru. Namoonni baay'een ammoo odeefannoo fi leenjii fudhachuu irratti fedhii akka qaban kan haasawan yoo ta'u namtichi tokko ammoo" leenjii fi odeefannoo argachuun akka nuti baay'ee cimnuu fi of dandeenyu nu gargaara jedhaniiru.

Quunnamtii gara fuulduraatti qabu yoo caqasuu dhiisanillee namoonni baayy'een barumsa fayyaa, tajaajila fayyaa, qoricha (dawaa) fi ogeessota fayyaa kellaa fayyaa keessatti akka barbaadan ibsaniiru. Mandara tokko keessatti dubartii tokkoo fi ogeessi fayyaa haasofsiifne tokko ariidhan yoo dubbatan dubartiin tokko otoo kilomeetira baay'ee baatamtee gara mana yaalaa dhufaa jirtuu du'aa isheetiin baay'ee gadduu isaanii ibsaniiru. Itti dabalaniis duuti tokko tokko daandii gaariin yoo hojjetame dhorkamuu ni dand'a jedhaniiru. Daandii gariin hospitaaltti geessu yoo jiraatan fi ogeessi fayyaa kellaa fayyaa keessa yoo jiraatan namoota baay'ee du'a irraa oolchuun ni danda'ama jedhanuru.

Haala odeefannoo pirojektii gargaarsa misoomaa fi gargaarsa deebisanii ijaaruu/bayyaannataa

Namoonni gargaarsa kanaan duran fudhatan caalaa dabalataan akka barbaadan ibsaniiru. Gargaarsaa maxxantummaa irraa addaan bahu dhaaf baay'ee barbaadu. Haata'u malee, kana dhugoomsuudhaaf bu'uuroonni misoomaa (kan akka daandii, bishaan, fayyaa, barumsaa, leenjii, tajaajila fayyaa beeyiladaaf

godhamuu fi qonnaa kkf) miti mootummee idil- addunyaatiin yaaliin godhameera, Haata'u malee, namoonni akkuma duraani jejeedhaaf saxilamaniiru.

Namoonni baay'een waa'ee "gatii: waliin hojjachuu fi sagaataalee gargaarsi itti kennaman kana jajjabeessuudhaaf garee sagantaa leenjiitiif gaafiin ka'ee ture. Yeroo qabeenyaaleen xiqqoo jiraatan (akkuma yeroo hundumaa) murteen gargaarsi hawaasa hundumaaf haa godhamu moo ykn namoota tokko tokkoof qofa haa godhamu jedhu dhimma baay'ee barbbachisaa ta'e dha. Kun ammoo kan barbaachiseef firii jiru beekuufidha. Haata'u malee malli kan guddinaaf baay'ee akka gummaachu fi misooma itti fufiinsa fidu yaada wal makaatu jira. Gargaarsi kennamu namoota gargaarsicha hin fudhatiin akka irra caalee hiyyooman gochuu irra caalaa iyyuu "kiyyoo hiyyummaa Uumuu danda'a. Bakki barumsa dabalataa ta'u danda'u ammoo gargaarsi dhuunfaa fi moo hawaasaaf kennamutu irra firii gaarii fuduu danda'a kan jedhu hdha. Kamtu ammoo firii gaarii fiduu danda'a.

Qo'annoo dabalataaf ammoo kan hundee ta'uu danda'u fi kan nuti dhagahuu dandeenye dhaabbanni gargaarsaa tokko mala dimshaashaa (waliigalaa) fayyadamuun waan hawaasni baayinaan barbaadu hojjechuu moo pirojektoota adda addaa dhimma tokko irratti xiyyeeffachuu wayya.

II. Dhimma sagantaa seefitii Neettii misooma irrattti.

Namoonni baay'een sagantaa seeftii neet misoomaa (seefitii Neetii) irratti haasoo adda addaa godhaniiru. Sagantaan kun kan adeemsifamu mootummaa Itoophiyaa fi dhaabbilee qabeenyaa uumamaa kunuunsuu fi misooma bu'uuraa irratti hirmaachuudhaan jechuunis hojii daandii, kallaa fayyaa, fi midhaan nyaafaa fi qarshii kennuudhaan hawaasa hojjechiisuudha. Naannolee sagaataan kun adeemsifamutti namoonni dadhaboo, jaarsolinni fi qaamni isaanii kan hirdhate akkasumas ijoollee warra hin qabne qofatu gargaarsa bilisaan argata. Dhaalilee idil- addunyaa baay'een kutaa biyyitti keessatti sagantaa Seefitii Neetii irratti kan hirmaate yoo ta'u sagantaan kun yeroo dhiyoo kan eegale waan ta'eef pirojektiin dhaggeeffachuu kun dhimm sagantaa seefitii neetii irratti yaada baay'ee dhagahuu danda'eera.

Kutaa xiyyeeffannaa fi fayyadamtoota irratti

Namoonni baay'een gandoonni tokko tokko maliif ergaan takkaa (irra deddeebiin) akka filataman yoo ibsan gandoonni tokko tokko irra deddebi'amanii sagantaa Seefiti Neetii fi sagantaalee qacarri hojii uumuu irratti (sagantaa mootummaan kennamu kan biraa) maliif akka kennamu gaafii qaban kaasaniiru. " Namoonnii fi maatiwwan tokko tokko qofti maaliif filatamu kan ammoo maaliif hin filafaman "jedhaniiru ykn" Namoonni tokko tokkoo pirojektoota adda

addaatiif maaliif filatmau kan ammoo maaliif hin filataman?" jedhanii gaafataniiru. Namoonni baay'ee akka amananitti mali nama ittiin filatan (fo'an) waraqaa irra yoo jiraateelee kan hojii irra oolu garuu kan otoo hon ta'in namoota filahciisaniindha jedhaniiru.

Fakkeenyeef Namtichii sagantaa hojii nyaataaf godhamu irratti dursa kanan kennu "warra baay'ee (cimanii hojjeetanii) fi dha. Namoonni baay'een waa'ee nama qoodanii dursa kenuu fi malaamaltummaa haasawaniiru. Namoonni tokko tokko ammoo akka jedhametti miti mootummeen rakkinoota akkasii irratti qondaaltota mootummaa ni sodaatu. Qondaaltonni bulchiinsa Godina irraa jiraan ammoo yaada miseensonni hawaasaa qaban irra deebi'anii haawawaniiru.

Naannolee baay'eetti qondaaltonni gandaa akka jedhanitti walgahiin ganda akeessatti godhamu tarreeffama fayyadamtootaa ibsuudhaaf kan godhan yoo ta'u namoonni baay'ee garuu waa'ee kanaa dhagahaniis ta'e ykn tarreeffama kana mirkaneessuudhaaf hin dandeenye. Gara boodaa ammoo maqoonni haarawaan tarreefamicharratti ni dabalamu jedhaniiru. Kanaafuu namoonni hojleen hojjetaman karaa ifa ta'uu qaba jedhaniiru. Dhimmi kun haala inni namoota rakkinaaf saaxilu yoo haasawan" Namootaan hiyyeessa jechuun Aadaan nuuf hin eeyyamu garuu hiyyummaan baay'ee rakkisaadha. Namoonni ammaa akka jedhanitti haalli aadaa yoo hin eyyamuufi ta'ellee hangam hiyeessa akka ta'e ni haasawu" Yeroo tokko tokko jaarsoliin fayyadamtoota adda addaa fiuudhaaf walgahii gochuudhaan ni hojjetu. Gareen dubartootaa horsiisee bulaa tokko akka jedhanitti mootummaan qarshii fi dheedhii argachuu jedhanitti namoonni hawaasicha keessa jiraatan "eenyu" akka hiyyeessa ta'e dubbachuu ni danda'u.

Hawaasa tokko keessatti namoonni gara 3800 ta'anii fi 680 ta'an gargaarsa midhaan nyaata irraa faayidaa argachaa jiru. Kana malees, namoonni baay'een midhaan nyaataa irraa fayyadamaa jiru. Namoonni baay'een "namoonni hiyyeessaa fi dhukkubsattoonni hedduutu jira, nammoonni kun ammoo tarreeffama "Seefitii Neetii" irraa hin jiran. Fakkeenyaaf dubartiin tokko akka jettetti yoo ijoollee baay'ee qabaatellee gargaarsa hin argadhu jetteetti kun ammoo kan t'auu danda'e maqaa abbaa manaa isheetiin waan galmoofteefi maatii tokko keessaa ammoo nama tokko qofaaf waan heyyamamuuf jecha pirojeeeeeektii hojii nyaataaf godhamu irratti hin hirmaattu. Waan kana ta'eefis sagantichaan ala ta'uu isheefi abbaaan manaa ishee ammoo gargaarsicha fudhatee gara haadha manaa isaa fi ijoollee hin galmoofneeffi ni geessa.

Namoonni tokko tokko ammoo rakkina namoota gandoota karaa irraa baay'ee fagaatu haasawaniiru. Namoonni kun karaa baay'ee deemuudhaan sagantaa " seefitii neetii irratti waan hirmaataniif bakka hojii igaarsaa gahudhaaf karaa baay'ee deemuu qabu. Bakkoota baay'eetti dubartoonni hojii manaa qaban saganticha irratti hirmaachuu dhaaf rakkina cimaa qabu.

Waldaan dubartootaa tokko akka ibsanitti koreeleen namoota sirriitti gargaarsa barbaadan hin galmeessan kun ammoo kan ta'uu danda'eef koreeleen kun "qabeenyaa gahaa ta'e waan hin qabaanneefi" Namoonni tokko tokko gargaarsicha fudhatan fooyyee agarsiisuu isaanii haasawaniiru. Garuu namoonni baay'een gargaarsichi hin fudhatiin amma hiyyeessotaa fi rakkinaaf saaxilamuu isaanii ibsaniiru. Kanaafuu, namoonni gargaarsicha hin argatin hafan kun waan hiyyoomaniif lakkoofsi hiyyeeyyii hawaasicha keessa jiru hin jijjiiramne.

Bakkoota tokko tokkotti ammoo namoonni miti mootummeen hammatama saganttaa Seefitii Neetii pirojektii keessaa akka bahan godhamaniiru. Jarreen kun saganticha keessaa akka bahan kan godhamee rakkinaaf oftuu isaan saaxilamanii jiraniiti.

Qoteebultoonni tokko tokko ammoo haala fayyadamtoonni seefitii Neetti itti filataman waan beeknuuf nuti mataan keenya otoo saganticharratti hirmaannee ni jaalanna jedhaniiru. Garuu, qabeenyaa gahaan hin jiru. Fakkeenyaaleen gaarii kan ta'an dhimma kanaa wajjin walqabatan ni jiru kana keessaas kan ka'uu malu qondaaltonni Aanaa tokkoo haala filannoo irratti namoonni quuqqaa waan qabaniif jecha qornnaa dhimmicharratti gaggeessaniiru. Akka isaan agarsiisnaittiis fayyadamtoota kana keessaa %90 akka sirriitti filattamanii fi adeemsa filannichaa sirreessuun namoonni baay'ee miidhaman (rakkinaaf saaxilaman) akka saganticha keessatti hirmaatan godhamaniiru.

Gargaarsa kennamu irraatti

Namoonni baay'een sagantaa seefitii Neetiitiin "hojii nyaataaf" Ykn hojii qarshiif" kennamu kana baay'ee ajaa'ibsiifatu. kana kan ajaaibsiifatanis "gargaarsichi tola kan kennamu waan hin taaneef hojiwwan bu'uura misoomaa adda addaa miseensota hawaasaa kan fayyadu waan ta'eefi dha." Qondaaltonni mootummaa yeroo adda addaatti waa'ee bu'uura misooma ijaaruu fi bu'aa isaa ni dubbatu. Hawaasnis ammoo waggoota sadii hanga shanii as sagantaa jalqabe kanaaf iddoo akka kennan ibsaniiru.

Miseensonni hawaasaa enyu qarshii ykn ammoo nyaata argachuu qabu hin beekani. Hawwaasnii adda addaa qarshii irra midhaan nyaataa akka filatan ibsaniiru kun ammoo kan ta'u danda'eef yeroo qarshii argannu " ni balleesina" waan ta'eef jedhaniiru. Namoonni tokko tokko ammoo qarshii akka filatan yoo ibsan qarshichas kuusuudhaaf ykn ammoo beeylada bituudhaaf waan nu fayyaduufi jedhaniiru. Namoonni baay'een ammoo akka jedhanitti qarshiin sagantaa seefiti Neetiin kennaman midhaan, huccuu bituuf qofa gahaa kan ta'anii fi jireenya fooyyeffachuu fi qabeenyaa ofii ijaarrachuudhaaf ammoo gahaa miti jedhaniiru. Qarshiin sagantichaan kennamu dabaluu qaba" jedhaniiru. Kana

malees, namoonni yeroo kafaltii fi hojii gidduu jiru irratti quuqaa (gaafii) adda addaa akka qaban ibsaniiru.

Bakka nuti do'ii goone hundumnaatti namoonni akka jedhanitti qooddaan miidhaanii sagantaa Seefitii Neetii fi haalli kafaltii sagantichaan godhaman kun nyaata maatiidhaaf godhamu hundumaa danda'uu qaba. Namichi tokko" Mucaa/ijoollee koo kam nyaachisuudhaaf kam filachuun qaba" jedhaniiru.

Namoonni baay'een ammoo imaammati Seefitii Neetii lafa dhuunfaa moo lafa baldhaa hawaasaa irratti adeemsifamuu qaba jedhanii gaafataniiru. Namoonni baay'een sagantichi jijjiirama yeroo dheeraa fiduudhaaf yoo barbaadame lafa uummataa (hawaasaa) fi lafa dhuunfa irratti xiyyeeffachuu qaba jedhaniiru.

Dhiibbaa gadhee hin eegamne irratti

Bakka adda addaatti namoonni akka jedhanitti yeroo fayyadamtooti gargaarsaa filataman hojiin ifa ta'e waan hin jiraanneef namoonni sagantaa irratti amantaa akka hin godhanneef sababa ba'eera kana malees hawaasee fi qondaaltota imaammaticha baasan gidduutti amantaan akka hin jiraanneef sababa ta'eera.

Namoonni tokko tokko ammoo akka yaada kennanitti malli gargaarsa hojii nyaataa fi hoji mallaqaa (qarshii adeemsifamu qooda fudhannaa Uummataa fi namni fedhiidhaan hojjetu akka hirdhisu godha kun ammoo namoonni akka hojii kafaltii irratti qofa akka hirmaatanii fi hojii hojjetaniif ammoo kafaltii akka gaafatan ni godha. Akka fakkeenyaatti ganda /mandara) tokko keessatti pirojektii bishan baasuu miti mootummeen tokko irrattti hirmaataa jiruf kafalti malee qooda hin fudhannu jedhaniiru. Kun ammoo kan ta'u danda'e namoonni erga sagantaa Seefitii Neeti irratti hirmaataniin booda dha.

Hawaasa tokko keessatti ammoo namoonni akka jedhanitti miti mootummeen tokko pirojektii fayyaa, barumsaa, bishaanii fi qulqullinaa irratti qooda fudhachaa ture yeroo ammaa dhaabbateera. Kun ammoo ta'uu kan danda'e erga sagantaan Seefitii Neeti eegalameen booda dha. Kana malees sagantaaleen uummata damaqsuu tokko tokko hin godhamne kun amoo kan ta'uu danda'eef xiyyeeffamaan amma kan kennamaa jiru Seefitii Neetti irratti waan ta'eefidha.

Namoonni magaalaa keessa jiraatan ammoo akka jedhanitti yeroo ammaa kan baay'ee rakkina of saaxila bahaniiru. Sababni kanaas isaan sagantaa seefitii Neetitti waan hin hammatamneefidha. Sagantaa Seefitii Neetii kanaan baay'ees akka miidhaan irra gahe ni haasawuu . Kun ammoo kana ta'u dand'eef qonnaan bultoonni sagantaa Seefitii Neettitiin waan hammatamaniif qarshii ykn ammo midhaan (nyaata) waan argataniif midhaan isaanii kuusuudhaan yeroo mi'aawu gati mi'aadhaan gurguratu jedhaniiru.

Pirojektii yaada dhaggeeffachuu sagantaa Seefitii Neetii irratti

Yeroo ammaa kana dhiibbaa sagantaa Seefitii Neetii qorachuudhaaf "baay'ee daa'ima" dha. Haata'u malee sagantaa kana irratti to'annaan hojiin ifa ta'ee fi quunnamtiin godhamuun isaa barbaachisaadha. Kun ammoo kan godhamuu (adeemsifamuu) qabu sadarkaa gandaa, Aanaa, Naannoofi mootummaa Federaalawaatti ta'uu qaba. Jechi sagantaan hojiin nyaataa fi qarshii kun namni hojii kafallii malee hin hojjedhu jedhnuu fi tokkummaa hawaasaa ni hirdhisa jedhu qo'annaa dabalataa barbaada.

IV. Tokkummaa fi Quunnamtii irratti

Tokkummaa qaama miti mootummee fi mootummmaa gidduu jiran (sadarkaa Godina, Aanaa fi hawaasa) irratti

Namoonni baay'een quunnamtii (tokkummaa) miti mootummee fi mootummaa gidduu jiru dabalaa dhufuu isaa irratti yaada garii kennaniiru kun ammoo kan eegale erga "disentaraalizeeshiniin" bara 2003 irratti eegaleen booda dha. Miti mootumee baay'een mootummaa fi hawaasa wajjin dhimmoota barbaachisoo ta'anii fi dhimmoota, pirojektii irratti ni mari'atu. Fakkeenyaaf Namoonni hawaasa tokko keessa jiraatan waa'ee pirojektii bishaanii miti mootummee tokkoon hojjetame yoo haasawan dhimma pirojektichaa adda addaa irratti miti mootummeefi bulchiinsi ganda tokkummaan qindaawanii waliin mari'achuun hojjetan jedhaniiru.

Haala kanaanis hawaansni hojii projektichaatiif kan gumaache yoo ta'u gumaachi godhame kun ammoo suphaa bishaan boombaatiif ooluu danda'eera. Namoonni akka jedhanitti pirojektichi akka yeroo dheeraadhaaf turu kan ibsan yoo ta'u kunis immoo kan ta'u bulchiinsi gandaa jalqabaa kaasee waan irratti hirmaateefidha jedhaniiru.

Kana malees miti mootummee fi qondaaltota mootummaa gidduu tokkummaa fi wal gargaarsi sagantaalee ittisa balaa fi fayyaa irratti ni jira jedhaniru. Akka fakkeenyaatti hoji gaggeessan kilinika mootummaa tokko leenjii miti mootummee tokko irratti qooda waan fudhateef yeroo ammaa dhukkuba busaa dhorkuu irratti qooda fudhachaa jira.

Qondaaltonni mootummaa akka jedhanitti "miti mootummeen hojii gaarii hojjetu" waa'ee sagantaalees fooramii miti mootummee fi mootummaa gidduutti goodhamu irratti ni mari'anna jedhaniiru. Haata'u malee, miti mootummeen

rakkinoota akkamitti akka furmaata barbaadaniifi haasawaniiru. Qondaaltonni Naannoo ammoo akka ibsanitti ogantoonni isaanii pirojektootaaf deeggersa akka goonu nu gaafatu jedhaniiru. Kanaafuu sagantaaleen baasii xiqqoodhaan furmaata argatu jechaa dha. Kana malee ajajni gubbaadhaa asiigadii darban gatii akka hin qabannee fi dhimma pirojektii irratti baay'ee hirmaachuu akka barbaadan ibsaniiru.

Qondaalli mootummaa tokko ammoo pirojektoonni miti mootummee idil addunyaa gargaarsa irratti kan hundaawan waan ta'eef jecha dhaabbileen kun qondaaltota mootummaa Naannoo wajjin dhimma bajataa fi sagantaa muldhata yeroo dheeraa irratti marii hin godhan. Qondaaltonni mootummaa tokko tokko ammoo akka ibsanitti pirojektoonni xumuramaniin booda mootummatti ykn hawaasatti dabarfamanii erga kennamaniin booda gargaarsa miti mootummee kana irraa ni barbaadu jedhaniiru. Yeroo sagantaan eegalamus yoo ta'e qarshiin kan ramadamu gubbaadhumaa waan ta'eef godinaaleenii fi Aanaaleen akka keessatti hin hirmaanne ibsaniiru.

Qondaaltonni mootummaa tokko tokkos pirojektoota to'achuudhaafis ta'e qorachuudhaaf carraa hin qabnu jedhaniiru. Kun ammoo fufinsa pirojektii miti mootumeen ijaaran irratti dhiibbaa ni godha jedhaniiru. Qondaaltonni lakkoofsaan xiqqoo ta'an ammoo pirojektoota miti mootummeen hojjetaman qoondaala mootummaa fuudhanii deemuudhan hojii to'annaa ni gaggeessu jedhaniiru.

PIROJEKTII WALGARGAARANII BARACHUU (CDA)

GABAASA PIROJECTII YAADA DHAGEEFFACHUU

ITOOPHIYAA
Onkoloolessaa 2006

Yaada ka'umsa pirojektii caqasuu

pirojektiin waliin ta'anii barachuu CDA hiriyoota baay'ee miti mootummee sadarkaa addunyaa, arjoomtota fi ejentoota biroo dhala namaa fi missooma irratti hojjetan waliin ta'uudhaan pirojektii waldhaggeeffachuu kan jalqaban yoo ta'u kunis ammoo yaada waliigalaa namoonni gargaarsa dhaabbtoota idil-addunyaa irraa argachuu qaban akka gaariittii fi sirna isaa qorachu dhaafi pirojektiin kun namoota gargaarsa sadarkaa addunyaatiin argatan keessatti sadarkaa hojii adda addaa irra kan jiranii fi muuxannoo fi beekumsa adda addaa qabana barbaada. Nuti namoonni/ qaamonni gargaarsa nammummaa irratti daangaa biyyootaa ceenee hojjenyu, gargaarsa misoomaa fi/ykn nageenyarratti hojjennu namoota gargaarsa akkasii fudhatan yoo dhaggeeffannaa ta'e qorannoo fi ilaalcha isaanii irraa baay'ee barachuu ni dandeenya. Namoonni (uummattooni) gargaarsa akkasii argatan kun gargaarsii sadarkaa addunyaarratti kennamu kun firii inni yeroo gabaabaa fi yeroo dheeraa keessatti qabu calaqisiisuu ni danda'u.

Yeroo waggaa lamaa keessatti pirojektiin kun biyyoota gara digdamaa ni do'ata. Biyyoota kana keessaa ammoo Itophiyaan ishee sadaffaadha. Pirojektii kanaan nuti namoota irraa waan dhageenyuu odeefannoo hunduma biyyoota hundarraa kan sassaabnu yoo ta'u odeefannoo sassaabnu kana ammoo hojii gara fuulduraatiif fayyadamuudhaan gara fuulduraatti fooyyeen akka dhufuuf tattaafii gochuudha.

Pirojektii yaada Dhaggeeffachuu, Itoophiyaa keessatti pirojektii dhaggeeffachuu (LP) hojii torban lamaa Itoophiyaa keessatti Onkoloolessa 2006 qixeessee ture. Pirojektii yaada dhaggeeffachyuu kanaaf keer intarnaashinaal, tajaajilli deebisanii dhaabuu kaatotiikii, CHF intarnaashinaal, koree birmachuu Addunyaa

(internantional rescue committee), Meersii korps, oksfaam Ameerikaa, fi Seev xa Childran (daa'ima birmachuu) Ameerikaa CDA wajjin ta'uudhaan hojii dirree do'achuu gaggeessaniiru. Dhaabbileen gargaarsa idl-addunyaa (ejentoonni) kun hundumtuu hojichaatiif waan barbaachisan kan akka qarshii, humna namaa (hojjettoota) fi garggaarsa addaa addal kan akka geejibaa fi nama akka gaaritti simachuu ykn keessummeessuu) gumaachaniiru. Dhaabbanii CDA jedhamu kunis dhaabbilee (ejenntoota) armaan oliitii caqafaman wajjin kan hojjetan qindeessitoota sadii gara Itoophiyaatti ergeera. Adeemsi waliin barachuu kan akka Pirojektii dhaggeeffachuu kun galma gahuu kan danda'u ejensoonni irratti hirmaatan hundumtuu sirriitti qooda isaanii yoo bahan qofa dha. Itoophiyaa keessatti warri qooda fudhatan deeggersa loogistiikii guddaa kennaniif galata guddaa argachuu malu.

Gareen LP gaafilee duraan dursee qixaa'an ykn pirotokoola gaafannoo irratti hundaa'anii hin hojjenne. Garuu akka nama dhuunfaa hojii arjoomaa irratti baba'e tokkootti, waa'ee hojii kanaa irraa dhagahuu akka barbaadnu itti himne. Namoonni kun nu wajjin taa'anii yaada isaan qaban akka nuuf qoodan gaafanne. Haala Kanaan, dhimma isaan ilaallatu irratti haasoo jalqabne. Nuti asirratti yaada dursaa fi mata duree fi kallattii kennuufiin dura akka isaan haasawan goone. Nammoonni nuti wajjin haasofnu akka isaan dhimma barbaadan kaasanii wal tajjicha dura bu'an goone.

Gareenn "dhaggeeffattoonni" Saddeet tokkoon tokkoon isaanii hojjettoota ejentoota hirmaattota pirojektichaa fi hojjetaa dhaabbilee idil-addunyaa tokko ykn CDA irraa hojjetaa tokko qabaachuun kan hundaaye Naannoolee afur Itoophiyaa jechuunis Finfinnee, Boorana (Aanaa Nageellee fi naannoo isaa), Harargee Lixaa (Aanota fi naannoo Daroo Labuu, Dooba, Mi'eessoo, fi ciroo), fi Naannoo Sabaa fi sablammii fi uummattoota kibbaa aanaalee fi naannoo Butajiraa, Masqan, shaashamannee, Alaabaa, fi Daalochaa) do'ataniiru. Haasawi tokko tokko namoota tokkoo ykn lamaan kan adeemsifame yoo t'au haasoon kan biroon ammoo garee namoota baay'ee qaba taniin adeemsifameera. (gareen kun namoota saddeeti hanga kudhalamaatti kan qabatedha).

Yeroo baay'ee haasowwiin kun dursanii kan qixaayan ottoo hin ta’in gareen LP haasoo kan eegalan Bulchaa Aanaa fi/ykn bulchaa gandaa quunamuun haasoo keessatti akka hirmaataniifi yaada isaan gargaarsa (arjoominsa dhaabbilee addunyaa) irratti qaban akkasumas nama biraa wajjin haasawuudhaaf akka eeyyaman gaafachuun eegala. Namoota dhaggeeffannu baayisuudhaaf jecha gareen baay'een itti gaafatamtoota misoomna qonnaa, daldaltoota, hojjettoota fayyaa, daayireektarroota mana barumsaa, barsiisota, fi barattoota hammateera. Iddoo huadumaattuu gareeleen namoota gargaarsa adunyaa argatanii fi hin argatiin akkuma argamaniin filachuudhaan haasoon godhameeraafi waldumaagalatti gareeleen hundumtuu namoonni isaanii wajjin

haasawuudhaaf eeyyamoo akka ta’anii fi waan hubatan hundumaa ifaan ibsaniiru.

Naannolee afurii guyyoota shan keessatti gareeleen dhaggeeffattoonni haasoo 100 ol dheerinaa fi gadi fageenya qaban namoota 350 ol wajjin haasoo godhaniiru. Haasoon kun namoota gosaa fi amantaa adda addaa qaban, dhiiraa fi dubartii, jaarsolii fi dardara/ shamarran, qotee bulaa fi horsiisee bulaa (tikfattee), bulchiinsota aanaa fi gandaa adda addaa, durataa'ota hawaasaa, namoota baadiyyaa fi magaalaa keessa jiraatan, akkasumas namoota sadarkaa angoo irra jiranii fi namoota dadhaboo/moggaatti darbaman kan hammate ture.

Namoota adda addaa kana dhageeffachuu keenyaaf nuti baay'ee eebifamtoota dha. Haata'uyyuu malee, naamoonni nuti dhageenye uumata Itophiyaa keessaa dhibbeentaa baaye xiqqoo akka ta'e nuti dhagahama. Kana waan ta'eefis yaada dimshaashaa baay'ee baldhaa ta'e kennuu dhaaf baay'ee nu rakkisa. Garuu, namoota adda addaa irraa yaada adda addaa baay'ee faayidaa qaban argachuudhaaf dandeenyeerra. Ji'oota dhufan keessatti yeroo iddo/bakka baay'ee do'annu yaada nama hundaa ta'e, akkaataa (haala) yaadaa, xumuraa fi qorannoo ni arganna jennee amantaa qabna. Kutaalee armaan gadi irratti gurraa fi qorannaa guddaa irratti adeemsisuu kan qabnu keessaa kan armaan gadii jiran kan namoota irraa dhageenye yoo ta'an isaanis akka armaan gadiitti ilaalamu.

Akka dubbiitiitti yaada dimshaashaa Itoophiyaa irrati.

Itoophiyaan beelaa fi hongee adda addaan waggoota afurtaman darban keessatti kna rukkutamte yoo ta'u inni baay'ee badaan garuu jeejee (beela) baraa 1973-74 fi 1984-85 ti. Kasaaraa namummaa (dhala namaa) yeroo ammaa Itoophiyaa keessa jiruun dabalata Itoophiyaan Eertiraa wajjin waraana keessa galuun bara 1998-2000tti kan wal lolte yoo ta'u yeroo ammaa kana waraana adda addaa Addoota bilisummaa Naannolee wajjin adeemsifamaa jiru irrattis hirmaachaa jirti. Hongeen, nageenya dhabuumsi keessaa fi naannolee, baayinni namootaa baadiyaa, babaldhinni HIV/Eedsii fi rakkinni cimaan midhaan nyaataa yeroodheeraaf ture kun biyyittiin garagaarsi isheen argattu akka baay'ee xaxamaa ta'u godheera. Dhimmi kun ammoo namoonno gargaarsi barbaachisaa dha akka jedhanii fudhataniif ka'umsa ta'uu danda'eera.

Mootummaa fi uummata Itoophiyaatiif gargaarsi godhamu baay'een isaa gargaarsa namummaa yoo ta'u yeroo dhiyoodhaan asitti garuu gargaarsi misoomaaf godhamu dabalaa jira. Itoophiyaa keessatti miti mootummeen idil-addunyaa dhibbaan lakaawammanii fi miti mootummeen biyya keessa, ejensii mootummoota biyyoolessaa (keessumaayyuu sagantaa nyaata Addunyaa) arjoomtota dhaabbilee amantaa, fi gargaarsa michummaa (kagam lachuu), ka damee adda addaa ykn ka mootummaa lamaa oli gargaarsa adda addaa Itoophiyaatiif kennaa turan Gabaasni baay'eenii fi madaallonni adda addaa

sagantaalee ejentoota tokko tokkoo irratti fi pirojektota irratti barreeffamaniiru. Pirojektiin yaada dhaggeeffachuu kun garuu madaallii kana gala galchuuf ykn ammoo madaalli kana irra deebi'uudhaaf kaayyoo kan qabu otoo hin ta'in waan namoonni jedhan dhagahuu fi gargaarsota kennaman irratti yaada namoota waliigalaan fudhachuu dhaafi dha.

Wantoota dhageenye keessaa

V. Gosaa fi qulqullina gargaarsaa irratti

Itoophiyaa keessatti gargaarsi dhaabbilee idil-addunyaa seenaa yeroo dheeraa waan qabuufi haasoon keenya waan baldhaa kan hammate waan tureef jecha namoonni waa'ee gargaarsa **bayyaannataa** fi gargaarsa misoomaa adda addaa haasawaniiru.

Gargaarsa midhaan nyaataa irraatti

Namoonni baay'een gargaarsi midhaan nyaataa godhamu yeroo hongee fi jeejee (beeluu) lubbuu namoota baay'ee oolchuudhaaf akka barbaachisaa ta'e hubachiisaniiru. Jechoonni (ilaalchonni) kan akka " gargaarsa midhaan nyaataa malee namoonni baay'een ni du'u ture" fi " otoo dhaabbattoonni miti mootummeen hin jiran ta'e nuti hundi keenya dhumnee ykn duunee turre" kan jedhan naannolee hundumaatti kan dhagahaman turan. Jechonni kun kan dhagahaman naannolee midhaan nyaataa akka gargaarsa muummichaatti hin kennamneetti fi yeroo ammaa gargaarsi midhaan nyaaata iddoo (bakka) dhaabbate dabalateetu dha. Namoonni gargaarsa midhaan nyaataa baay'ee kan ajaa'ibsiiftan (barbaadan) yoo ta'u sababni kanaas ammoo "yeroo midhaan nyaataa dhabbatu" liqii liqeessitota irraa akka hin liqeeffanne ykn ammoo qabeenyaa isaanii baay'ee faayidaa qaban kan akka beeyiladaa akka hin gurguree waan isaan gargaaruuf jecha dha.

Haatta'u malee, namoonni baay'een baaxii gargaarsaa agarsiisaniiru. Akkka fakkeenyaattti namtichi tokko " gargaarsi hatattamaa yeroo qilleensa gadhee baay'ee barbaachisaadha. Gargaarri gaariidha. Garuu, kan akka sagaataa misoomaa ammoo gaafiin isaanii gaaridha. Wanntoota hiraman irratti baannaafa (gammachuu dhabiinsa xixiqqaa) ni jira. Haata'uu malee, waliigalaan namoonni gargaarsa kennamu kanaa wajjin wal simataniiru. Fakkeenyaaf namoonni nyaata akka qamadii fi dheedhii biroo kennaman gargaarsa duraan hin beekiin qopheessanii nyaachuu baraniiru.

Kana malees gabaasota makaa ta'an sagantaa nyaata dabalataa mana barumsaan walqabatan irratti dhageenyeerra. Namoonni tokko tokko akka jedhanitti Sagantaan nyaata akkasii kun garuu ijoolleen mana barumsaa akka

hordofan (durbartoota dabalatee) faayidaa guddaa kenneera. Garuu,yeroo baay'ee ijoolleen barumsa hordofan dabaluun isaanii erga gargaarsi midhaan nyaataa addaan citee itti fufuu hin dandeenye.

Qabeenyaan akka dhinu (bakka duraanturetti akka deebi'u) fi uumuu irratti.

Namoonni baay'een akka jedhanitti sagantaaleen qabeenyaalee dhinuu fi Uumuu irratti xiyyeeffatan Itoophiyaan gargaarsa ariifachiisaa yeroo yerootti akkka hin saaxilamne godhaniiru. Miseennsonni waldaalee dubartootaa baay'een Pirojektii hormaata horii irratti boba'anii jiran akka agarsiisanitti dinagdeen of danda'uu isaanii qabeenyaa horii waan qabanii fi galii kanaan wal qabatee argamuun of danda'ummaan ol guuddateera.

Haata'u malee, hawaasota baay'ee keessatti waa'ee sagantaalee hormaata horii gargaarsa keenitoota biyya alaan gargaaramanii yoo dubbatan horii baay'een dhukkubaa fi tajaajilli manna yaalaa dhibamuu isaatiin dhumuu danda'aniiru. Namoonni xiyyeeffannaa kan kennan to'annoo laafaa (dadhabaa) irrattii fi paakeejii gargaarsaa guutuu hin taane irratti dha.

Naannoo tokko keessatti namoonni sagantaa beeyilada horsiisuu keessatti hirmaatan akka jedhanitti yoo ta'e deeggersi qarshii isaaniif godhamu lakkoofsa horii barbaachisaa ta'e bituudhaaf gahaa miti. Kunis kan ta'uu danda'eefii gurgurtoonni beeyiladaa naannoo sanaa gareen horii horsiisan madda qarshii miti mootummee akka fayyadaman waan beekaniif gati horii ol kaasu. Miti mootummeen idil-addunyaas dhimma kana waan baraniif xiyyeeffannaa kennuu eegalaniiru. Kanaaf hawaasa naannichaa waajjin wal ta'uudhaan dhimmichaatiif furmaata kennuudhaaf tattaafachaa jiru. Haata'u malee, yeroo miti mootummeen kun horii mataa isaaniitiin bitanis yoo ta'e gatiin beeyladoota kanaa ol ka'uunsaa hin hafne; yoo ta'es garuu miti mootummeen kun horii bitanii raabsaa akka jiran hawaasa naannoo irraa dhageenyeerra.

Guddina Bu'uura Misooma irratti

Namoonni baay'een akka jedhanitti karaa (daanndii) fi riqichi waan hojjetamaniif yeroo ammaa mandara, gabaa fi magaalota adda addaa quunnamuu danda'aniru. Namoonni baay'een akka jedhanitti mootumaa fi miti mootummeen idil-addunyaa ammas baayinnaan dandnii sadarkaa sadaffaa fi lammaffaa ijaaruudhaan quunnamtii isaan qaban, quunnamtii buufata fayyaa fi manneetii barumsaa wajjin qaban akka ol guddisuufii gaafataniiru. Fakkeenyaaf dubartoonni baay'een akka jedhanitti yoo Oomisha isaanii gurgurachuu barbaadanillee daandiin waan gadhee ta'eef gabaa gahuu hin dandeenye kana jechuun ammoo isaan naannoo isaaniitti qarshii gadi bu'aadhaan gurguru

jechaadha. Kunis ta'uu kan danda'e daandiin gaarii waan hin jirreefi oomisha isaanii gabaatti dhiyyeessu wan hin dandeenyeefi dha.

Bulchaan aanaa tokko waa'ee mana barumsaa waggoota 30 dura ejensii mootummaa biyya alaan hojjetamee haasawee ture. Akka inni jedhetti qulqullinaan manneetiin barumsaa kun dhaabbilee miti mootummeenii fi mootummaan yeroo amma ijaaraman irraa baay'ee kan wayyanidha.

Namoonni akka jedhanitti manneetiin barumsaa naannoo isaaniitti ijaaraman tokko tokko taa'uumsa fi meeshaalee adda addaa waan hin qabaanneef ijoolle lakkoofsi isaanii baay'ee xiqqoo ta'antu barata. Kunis kan ta'uu danda'e ijoolleen lafa irra taa'uu waan hin barbaadheefidha.

Pirojektoota mootummaa fi miti mootummeen ijaaramman kan akka riqicha, jallisii fi bishaan kuusuu irratti yaada gaarii fi gadhee ta'e dhagenyeerra. Hawaasa tokko keessatti namoonni akkas jedhaniiru " Duratti biyyoon roobaan haxaawamee fudhatama ture yeroo ammaa kana garuu mootummaa fi miti mootummeen gobsoo (haroo) waan ijaaraniif mala qonnaa keenyarratti jijjiirama baay'ee argaa jirra. Gobsoon waan ijaarameef yeroo ammaa mukoota baay'ee qabaachuu dandeenyeerra. " Namoonni biraan ammoo" bishaan xurii dhugaa turre, garuu amma bishaan qullqulluu waan fayyadamnuuf nageenyi fayyaa keenya eegamoo dha" jedhaniiru.

Namoonni biroon ammoo waa'ee bishaaniin wal qabate yoo haasawan; waa'ee bishaan goganii ykn ammmoo waa'ee bishaan si’a tokkoofillee faayidaa hin keninee ykn waa'ee madda bishaan bakka fagootti hojjetamanii uummataaf faayidaa tokkollee hin kenninee haasawaniiru. Namoonni biroon ammoo waa'ee ijaarsa gobsoo sirna qabeenya uumamaa naannichaa irra badii inni geeessisee haasawaniru. kana malees, namoonni baay'een waa'ee bishaan kuufamanii faayidaa tokkollee hin kenninee haasawaniiru. kana malees bishaan

Kuufaman kun madda dhibee busaa ta'uudhaan dhukkuba busaa babaldhisuu danda'aniiru. Bishaan kurii baay'ee keessatti kuufaman hurree ta'uudhaan akka fixeensa ganamaa badaniiru jedhaniirru. Kun ammoo hurraa'anii baduu kan danda'an sababa dhabiinsa pilaasttikii ykn ammoo yeroo ijaaraman pilaastikiin faayidaa irra oolan sadarkaa qulqullinni isaanii kan hin eegne waan ta'aniifii.

Gargaarsa qonnaarratti

Namoonni baay'een akka jedhanitti leenjiin mala qonnaa fi to'annaa qabeenyaa Uumamaa irratti kennaman hawaasa baay'ee fi namoota dhuunfaa guddaa kan gargaaran yoo ta'u kunis ammoo mala fooya'an galoo (terrace) kunuunsa biyyoo fi haala biqiltuu itti dhaaban irratti barumsa argataniinidha.

Namoonni baay'een leenjii fudhatan akka jedhanitti haalli qonnaa isaanii yeroo ammaa kan guutuutii fiixa gahuu fi kan itti fufu danda'u" ta'uu isaa agarsiisaniiru. Namtichi tokko akka jedhetti " Namoonni leenjii fudhatan as waan jiraniif hawaasaaf barnoota kennaa jiru. Barumsi Kunis dhaloota gara dhalootaatti kan darbuu dha" jedhaniiru.

Haata'u malee namoonni biroon ammoo yeroo waa'ee qonnaa haasawan akka agarsiisanitti pirojektoonni qonnaa waa'ee naannichaa otoo hin qo'atiin naannoo biroodhaa kan galagalfamanidha jedhaniiru. Karaa tokkoon yoo ilaalamu ejensiin tokko nama naannicha keessa jiran tokkoyyuu otoo quunnamee waa'ee biyyee naannoo sanaa hin gaafatiin sanyii midhaanii raabsee sanyiin raabsame kun otoo hin biqiliin hafeera. Namoonni baay'een ammoo qulqullinni sangantichaa baay'ee dadhabaa akka t'ae yoo ibsan sanyichi firii tokollee kan hin kennineefi sanyiidhuma kana hordofani jijjiiruudhaaf ammoo yaaliin godhame akka hin jirre dabaluun ibsaniru. Hawaasni tokko tokko ammoo akka ibsanitti miti maatummeen tokko tokko vaawucharii sanyii raabsuudhaan qotee bulaan akka gurgurtoota naannoo irraa bitan godhaniiru. Garuu, gurgurtoonni (daldaltoonni) naannoo ammoo qotee bulaa kan sanyii qulqullummaa isaa hin eegne itti gurguraniiru ykn ammoo yeroo safaran (madaalan) qotee bulaakana goowwomsaniiru.

Ijaarsa fi Dandeetti irrattii

Nammoonni baay'een akka jedhanitti leenjiin ijaarsaa fi dandeetti miti mootummeen kennaman beekumsa haarawaa uummata waan barsiisaniif haawaasni jijjiiramuu isaa haasawaniiru. Akka Bulchaan aanaa tokko ibsetti yoo ta'e miti mootummeen tokko garee namoota naannoo sanaaf leenjii hojii ijaarsaa (konistiraakshinii) irratti waan kenneef namoonni naannoo sanaa hojii konistiraakshinii naannoo sanatti hojjetamu irratti bobba'anii akka hojjechaa jiran ibseera. Haala kanas akka walitti dhufeenya gaarii bulchiinsa Aanaa fi miti mootumnaeetti fudhachuu danda'eera.

Namoonni baay'een akka jedhaniitti, leenjiin waa'ee harma hoosisuu fi daa'ima midhaan jalqabsiisuu irratti kennaman, qulqullina, mala nyaataa, fi mana fincaanii ijaaruun fayyaa isaanii fi ijoollee isaani baay'ee fooyyessuu danda'eera. Hawaasa tokko keessatti miti mootummeen idil-addunyaa pirojektii adda addaa irratti yeroo baay'eef hojjecha ture tokko namoonni baay'een leenjii miti mootummee kana irraa argatan baay'ee faayidaa akka qabu ta'uu yoo ibsan " qabeenyaalee haala gaariin akkamitti kunuunsuu akka danda'anii fi nyaata adda addaa yeroo adda addaatti nyaachuu akka qaban hubachuu isaanii ibsaniiru.

Qonnaan bultoota fi tikfattee birattis haaluma wal fakkaataatu muldhata. Kunis leenjiin deessiffoota aadaa fi leenjiin malli yaalaa beeladaa hawaasaaf kennanmu

baay'ee akka fayyade ibsaniiru. Niitiin akka deessiftuu aadaatti leenjite tokko akka ibsitetti" beekumsi sammuu keenya keessa jira jetteetti. Namoota biraattillee dabarsuu kan dandeenyu yoo t'au namni nurraa fudhachuu danda'u hin jiru." Jetteetti

Naannoo tokotti dubartoonni /baayeen akka jedhanitti qusannaa maatii fi tajaajila hormaataa fayyaa karaa kellaafayyaa kennamu baga nagaan dhufte jennee fudhanneerra yoo jedhan dubartoonni xiqqoon garuu maatii isaanii keessa murtee barumsa qusannaa maatii irratti dhibbaan akka irra gahu haasawaniiru.

Namoonni tokko tokko waa'ee saalaa irratti leenjiin isaan bulchiinsa mootummaa Naannoo irraa fudhatanii fi namoonni baay'een dubartoota fedhii isaanii malee akka hin fuune waan barumsa argataniif jecha yeroo ammaa kana butiin baay'ee hirdhateera. Miseensonni hawaasaa baay'een akka yaada kennanitti " duratti ijoollee dhiiraa qofa mana barumsaatti ergina ture yeroo ammmaa kana garuu gandi leenjii dhimma kanarratti kennaa waan jiruu gandi leenjii dhimma kanarratti kennaa waan jiruuf ijoollee durbaa kenya gara mana barumsaatti ergaa jirra. Kanaafis ijoolleen keenya gara gabaa dhaquu fi gatii gaarii irratti walii ni galu."

Namoonni naannolee lama nuti do'annetti ammoo akka ibsanitti leenjiin dhibeen HIV/Eedsii fi dhimma saalaa irratti kennaman walitti dhufeenya abbaa mana fi haadhamanaa gidduu jiru fooyyessaniiru. Miseenonni. Hawaasa baay'ee akka jedhanitti miti mootummeen biyya keessaa waa'ee dhaqna qabaa ijoollee durbaa irratti barumsa waan kenneef gochi akkasii hafuu isaa ibsaniiru. Barattoonni sadarkaa lammaffaa dhiiraa fi dubartoonni yaadni isaan hojii dubartootaa mana keessaa fi hawaasa keessatti qaban jijjiiramuu isaa ibsaniiru. Ijoolleen durbaa barattoonni sadarkaa lammaffaa akka nutti himanitti" dhiirrii fi dubartiin wal qixxee akka ta'an ni beekna garu warri dhiiraa jecha kana hin jaallatan jedhaniiru. Kana ammoo mormuu keenya itti fufna. Jijjiiramni yeroo baay'ee barbaada."

Miseensonni hawaasa tokko tokko akka jedhanitti gahee dubartoonni hawaasa keessatti qaban leenjii miti mootummeen dubartootaaf kenne irraa kan ka'e dubartoonni hawaasa keessatti hojii adda addaa irratti hirmaachuuf danda'aniiru. Naanoo horsiisee bulaatti, dubartoonni baay'een qabeenyaa dhuunfaa mataa isaanii godhachuu jalqabaniiru. Dubartoonni baay'een naannoo biraa jiraatan akka jedhanitti " walitti dhufeenyi abbaa manaa isaanii wajjin qaban baay'ee fooyya'eera. Yeroo ammaa nuti galii maatiii keenyaaf gochaa jirra. Abbaan manaa kootii kana baay'ee ajaa'ibsiifate" Namoonni (dhiirri) baayeenis" sababa miti mootummeen pirojektii isaaniitiif dubartoota qacaraniif jecha, duubartoonni waan hundaa akka hojjechuu danda'aniittti fudhachuu fi dhiira wajjin wal-qixxee akka ta'an hubanneerna" jedhaniiru.

Namtichi tokko ammoo akka jedhetti" maddi rakkinoota hundumaa beekumsa dhabiinsa dha." Namtichi tokko akkas jedhee ture" namoonni waa'ee ejensii liqii fi leenjii kennu tokko nuti himanii ture, liqichis booddee akka deebi'ee kaffalamu nuti himaniiru. Garuu, namoonni tokko tokko akka jedhanitti leennjii haarawaa isaan yaadachiisu barbaadu. Keessumaayyuu jiraattota hin baranneef. kun ammoo kan ta'e jarri kun jarri (jiraattonni) kun yaadannoo ykn kitaaba barreeffame jiru ilaalan waan hin qabneenfidha. Namni leenjii tokko irratti hirmaate tokko akka ibseetti" yoo dhaabbanni kun hardha deeme (gadhiise) kan nuti baranne nu wajjin hafa. Nuti kan barannu dhaabbata kanaaf otoo hin ta'iin ofii keenyaafi.

Haata'u malee, namoonni tokko tokko ammoo leenjii gaggeessuadhaaf qabeenyi dhabamuu isaa haasawu. Fakkeenyaaf qotee bulaan tokko tokko waa'ee sanyii filaamaa fi xaa'oo irratti leenjii kan fuudhatan yoo ta'anillee xaa'oo fi sanyii filatamaa garuu hin argatan, gabaa irraas bituu hin danda'an. Kana malees, namoonni waa'ee leenjitoota irratti leenjitoonni miti mootummeen leenjifaman akka barbaachisaa ta'eetti miseensota hawaasaa leenjisuudhaaf hin dandeenye.

Pirojektii yaada dhaggeeffachuu Gosaa fi Qulqullina gargaarsaa irratti

Bara 1980 irra eegalee jeejeen hamaan Itoophiyaa keessatti hin uumamne jechi jedhu hawaasni addunyaa fi mootummaan Itoophiyaa invastimantii fi midhaan nyaataan of danda'uu fi gargaarrsa midhaan nyaataa naannolee adda addaatti godhaman to'achuu qabu. Haata'u malee, jeejeen lubbuu fi hojii qotee bulfaa fi horsiisee bulaa nyaataaf qofa oomishu balleessaa jira.

Gareen pirojektii dhaggeeffachuu waa'ee leenjii beekumsaa fi ogummaa irratti kennan irratti waan gadhee haasawu yoo ta'e gaafii dhiyeessineefii ture. Gareen LP kun haasoo kana yoo qoratan kan argatan gaafii namoonni itti fufiinsa leenjii fi dhiibbaa inni qabu irratti kan jiru dha. Namoonni akka jedhanitti gatii leenjiin guyyaa tokkoo fi leenjifootaan leenjiin kennaman hordoffii malee bu’aa mal qaba jedhaniiru. Yoo rakkinoota jiran kan akka faginaafaa kaafnu wiirtuuleen leenjii magaalota keessatti argaman waan fagaataniif namoonni baay'een leenjii hawaasa keessatti kennaman baay'ee akka fayyadan yaada kennaniiru.
Namoonni baay'een meeshaalee fi tajaajilli kennaman qulqullina akka hin qabne yoo dubbatan namoonni muraasni ammoo waldaaleen gargaartotaa to'annaa fi hordoffiin isaan godhan baay'ee xiqqoodha jedhaniru. Dhaabbileen gargartotaa garuu tajaajillii fi meeshaaleen isaan kennan qulqullinaa sadarkaa ol aanaa waan qabaniif qabeenyaa uumamaa irra miidhaa akka hin geessisne ibsaniiru. Irra deddeebiidhaan haasoo gooneen beekuun kan dandeenye ejensoonni (dhaabbattoonni) gargaarsaa sadarkaa kana irra akka hin geenye ibsaniiru. Gaafiin fufiinsa qabu inni biraanii fi qorannoo barbaadu kan LP fi kan biroo kun

maaliif ta'uu danda'e? kan jedhu dha. Nuti otoo beeknuu maaliif meeshaalee fi tajaajia haala hawaasa wajjin hin adeemne hanga yoomitti raabsaa itti fufna kkf.

II. Deebisanii dhaabuu fi gargaarsa misooma irratti

Namoonni baay'een akka jedhanitti gargaarsi namummaa miti mootummeen kennaman misooma wajjin kan wal hin fudhanne (gargaarsa misoomaa) waan hin taaneef jecha gargaarsonni godhaman namoonni qabeenyaa isaanii akka irra deebisanii dhuunfatanii fi saaxilama hirdhisuudhaaf hin dandeenye. Namoonni baay'een yoo haasawaan akka jedhanitti dhaabbileen gargaantotaa fi ejensoonni arjoomaa rakkinaaf saaxilamuufi hiyyummaa hirdhisuuf baay'ee invastii akka gochuu qaban haasawaniiru. Namni hundumtuu gargaarsa yeroo rakkinaa fi deebisanii ijaaruuf godhamu ni ajaa'ibsiifata. Haata'u malee, namoonni baay'een akka jedhanitti" gargaarsi nyaataa qabeenyaa horuu ta'uu hin danda'u." Namoonni yoo gargaarsa arganellee miti ammas hiyyessa dha jedhaniiru. " Gargaarsi lubbuu oolchuudha garuu jireenya jijjiiruu miti" jedhaniiru." Dhaabbileen gargaarsaa hiyyumaa balleessanii jireenya namaa irratti jijjiirama fiduu qabu."

Namoonni tokko tokko yoo jecha qo'annaa isaanii kennan ' Qarshiin gargaarsaaf ramadamu jijjiirama barbaachisaa ta'e fiduudhaaf hin dandeenye." Namni ganda tokko keessa jiraatu akka jedhettis" gabaasa raadiyoo " irraa baayina qarshii Itoophiyaatiif kennamu akka dhagaheefi" kun ammoo waan nuti barbaannu nuuf guutuu kan qabu ture" jedhee itti dabaluun ammoo" miliyoonota kennaman irraa jijjiirama baay'ee arguudhaaf hin dandeenye." Inni akka hubatettis taanaan" qarshii baay'een kan jiru gargaarsa deebisanii ijaaruu irratti malee gargaarsa misoomaa irratti hin fakkaatu" jedheera. Namtichi tokko ammoo gargaarsa waldaalee idil-addunyaan kennaman kan isa shakkisiise ta'uu haasawuudhaan akkas jedheera"qarshiin gargaarsa dhaabbilee addunyaan yoo kan kennaman ta'ellee qarshiin gargaarsaa guutummaan guutuutti as hin gahu jehdeera. Qarshiin kun hundumtisaa akka as hin geenye amantaan qaba" jedheera.

Namoonni baay'een akka agarsiisanitti disentaraalizaashiniin angoo mootummaa bara 2003 kan eegale yoo ta’ellee mootummaa fi dhaabbileen gargaarsa bayyaannataa gara gargaarsa misoomaatti adeemaa akka jirani hubachiisaniiru. Haata'u malee, maxxantummaa fi gargaarsa deebii sanii ijaaruu/bayyaannataa irratti baay'een hojjetamuu akka qabu adeessaniiru.

Maxxantummaa irratti

Namoonni baay'een gorgaarsa biyya alaa irratti maxxanuu akka hin barbaadne ibsaniiru. Namoonni baay'een waa'ee gadhummaa gargaarsa yoo haasawan" Harki nama biroo hudhee namaa ajjeesa ykn ammo nama xiqqeessa jedhaniiru. Jiraatttooni ganda biroo ammoo akka ibsanitti "pirojektoonni mootummaa fi miti

mootummee kun yoo bor gadhiisanii adeeman nuti gara hiyyummaa keenyaatti deebina" jedhaniiru. Jaarsoliin hawaasa qotee bulaa fi horsiisee bulaa akka hubatanitti" gargaarsi bakkee yoo gara biyya keessaa galu [seenu) hojii kennya akka irraanfanu waan godhniif kan irraa faayidaa baay'ee hin arrgannu. Gargaarsa midhaan nyaataa godhamuun yoo yeroo jeejee ta'e malee jijjiirama baay'ee hin eeginaa. Barsiisuu fi gurmeessuun hojii isaa duuraati."

Namoonni baay'een ammoo akka jedhanitti gargaarsi yeroo dheeraa keessa"Namni hojii akka hin hojjennee fi gaargaarsuma qofa akka eeggatu gadha." Namtichi tokko akkka jedhetti "rakkinni gargaarsi fidu keessaa tokko namoonni akka xiqqaa hojjetan godha. Haata'u iyyuu malee mootummaa irratti maxxanuun fokkisaa miti." Gargaarsa yeroo rakkina godhaman gara fuulduraatti fooyyessuudhaaf nyaataa fi fayyaa beeyiladaa eeguun namoonni beeyilada isaanii akka eeggatan gochuu dha. Kun ammoo namoonni hatattamaan of danda'uudhaan miila isaaniin akka dhaabbatan godha."

Hawaasa tokko tokko keessatti ammoo namoonni akka jedhanitti pirojektoonni haala waliigalaa irratti xiyyeeffatan kan akka mala jireenyaa hawaasota filatamoon akka rakkina isaanii hiikkatan isaan gargaareera. Waliin hojjechuudhaaniifi leenji fudhataniin akka baay'ee gargaarsa irratti hin maxxannee fi mataa isaanii irratti akka amantaa godhatan isaan gargaareera.

Hundee ka'umsa rakkinaaf saaxilamuu

Namoonni akka gargaarsa irrattti hundaawan kan godhan rakkinoota armaan gadii ta'uu isaanii ibsaniiru. Yeroodhaa gara yerootti qabeeny lafaa hirdhachaa dhufuu isaa kun ammoo kan ta'uu danda'eef lafti dhaloota gidduutti waan hiramuufi yoo ta'u, kana malees ammoo qabeenyaalen gahaa ta'an waan hin jirreefidha. Qoteebulaan lafa kiraadhaan mootummaa irraa fudhata kanaafuu eeyyama mootummaa malee lafa kan gurguruus ta'e babaldhisuu hin danda'an.

- Guddinni baayina ummataa baadiyyaa keessatti baay'eedha. Kana malees, mootummaan qusannaa maatii fi baayina irratti qajeelfama hin kennu. Dubartoonni tokko tokko qusannaan maatii akka barbaachisaa ta'e addeessaniiru.

- Amalli qilleensaa hin tilmaamamnee fi roobni xiqqachuu isaatiin hongeen yeroo yeroodhaan uumamuu isaa tiin gargaarsa miidhaan dhaabbilee gargaarsa addunyaa irratti akka hundaawan isaan gochuu isaa dubbataniiru. Namtichi tokko yoo haasawu "otoo bokkaa baay'ee qabaanne, nyaata gahaa arganna ture" jedhee ture. Namtichi tokko ammoo waa'ee maxxantummaa midhaan nyaataa agarsiishudhaaf yoo haasawu" Asitti yoo roobuu baatellee rakkinni hin jiru, kaanaadaa biyya irraa qamadii arganuutti yoo roobe nu gaha" jedheera.

- Qotee bulaa fi horsiisee buloonni midhaan nyaataaf qotan odeeffannoo, leenjii, fi beekumsa waan hin qabneef mala qonnaa isanii fooyyessuudhaafi midhaan qonnaa isaanii babaldhisuudhaaf hin dandeenye. Namoonni yoo haasawan" miti mootummeen namootaaf qurxummii kennuu otoo hin ta'in akkamittii akka qurxumnii qabatan barsiisuu qabu." jedhaniiru.

- Qoteebulaa baay'een malli qonnaa isaan adeemsisan yeroo dheeraa keessa lafa kan miidhe yoo ta'ellee filannoo biraa maatii isaanii itti bulchan waan hin qabaanneef itti fufaniiru. Namoonni tokko tokko ammoo mootummaan namoota lafa qonnaaf ta'an irratti akka isaan safarsiisu gaafataniiru. Haata'u malee namoonni tokko tokko ammoo gara naannoo biraatti deemanii qubachuun dubbii kakaasa (namoota naannoo wajjin walitti nanabuusa jedhaniiru.

- Qotee bultoonni sanyii filatamaa fudhatan hundumtuu xaa'oo barbaadu kana ammoo yeroo baay'ee liqiidhaan argatu. Liqii xaa'oo kana deebisuudhaaf ammoo baay'een isaanii qabeenyaa isaanii gurguru. Namoonni baay'een "xaa'oo mootummaa irra yoo kan argatan ta'ellee isaan gargaaruu dhaaf hin dandeenye, Xaa'oo argachuudhaaf liqeeffachuu qabna garuu deebisnee kafaluudhaaf hin dandeenyu jadhaniiru. Ijoollee keenyallee sirriitti nyaachisuudhaaf hin dandeenyu. Yeroo ammaa liqiin mootummaa gara qarshii 200 tu nurraa jira" Akka amantaa isaaniitti mootummaan gati xaa'oo yoo hin to'atu ta'e qabeenyaa isaanii dhabaa akka deeman ibsanii jeejeefis itti fufiinsaan akka saaxilamanii fi oomishni akka hirdhisu agarsiisaniiru.

- Hawaasni baay'een bishaan qulqulina hin qabneenii fi hanqine jallisiitii wajjin waldhaansoo qaba jiru.

- Namoonni baay'een akka jedhanitti liqii argachuudhaaf carraa isaa kan hin qabneefi kaapitaala hojii ittiin sochoosanii fi galii maddisiisan hin qaban. Namoonni akka ibsanitti araaxaan liqii mootummaa waan baay'ee ta'eef jecha (%40) liqii fudhachuudhaaf hin dandeenye. Haallli kun ammoo a) liqaa argachuun baay'ee ulfaata fi rakkisaa ta'uusaa b/ Hojicha eegaluudhaaf qarshiin gahaa ta'e akka hin argamne fi C) Liqii deebisanii kafaluudhaaf baay'ee ulfaataa akka ta'e agarsiisa.

Hawaasa hatattamaan deebisanii dhaabuu fi mala ittiin hojii irraa oolu

Namoonni yeroo gadhee irra akkamitti hafuu akka danda'an ibsaiiru. Namoonni tokko tokko akka jedhanitti kasala, qoraan, lafa isaani gadhiisanii hojii guyyaa barbaaduuf deemna jedhaniini. Namoonni tokko tokko ammoo biqiltoota hongee

irraa hafuu danda'aa kan akka maangoo fi roqaa dhaabuuf baay'ee akka yaalii godhan haasawaniiru. Namooonni biroon ammoo qabeenyaa isaanii gargaarsa argatan dabalatee namoota baay'ee miidhamaniif ni hiru. Naannoo horsiisee bultootaa tokko tokkotti namoonni qonnaa midhaan nyaataaf (yoo xiqqaateyyuu) jalqabuu isaanii ibsaniiru. Naannoo tokko tokkotti ammoo dubartoonni akka jedhanitti midhaan grgaarsaan kennameefii yeroo rakkinaaf tursuudhaan yeroo rakkisaa ta'etti fayyadamna jedhaniiru. Warri biroon ammoo yeroo bokkaan roobbuuf sanyii ni keenya jedhaniiru.

Namoonni baay'een waa'ee pirojektoota miti mootummee yoo haasawan pirojektoonni kun akka isana tokkummaan waliin hojjetan waan gargaaree galiin isanaii dabaluu isaa haasawaniiru. Warri dubartootaa akka jedhanitti ammoo yeroo walii wajjin hojjetan humna godhanna jedhaniiru. Fakkeenyaaf dubartoonni hojii suphee hojjetan miti mootummee irraa horii ittiin eegalan waan argataniif waldaa hojii suphee mataa keenyaa banachuu dandeenyeerra jedhaniiru.

Hirmaattonni ammoo "Nuti yeroo ammaa ogummaa fooyya'e qabna" jedhaniiru. "Duraan suphee keenya qarshii baay'ee xiqqaa ta'een gurgurra jedhaniiru. Kanaafuu, maatii keenyaaf gali gahaa ta'e ni arganna jedhaniiru. Amma ijoollee keenya mana barumsaatti ergachuufi huccuu isaaniif bituu ni dandeenya jedhaniiru."

Namoonni biroon ammoo waa'ee pirojektii gareen bulanii fi itti gaafa tamummaan waan hin jirraanneef itti fayyadamni sirrii ta'e akka hin jiraanne ibsaniiru. Bakka tokkotti garee qusannaa dubartootaa gargaartotaan dhaabbata tokko haasofsiifnee kan ture yoo ta'u gareen kun qarshii isaanii bakkuma kaawwatan illee hin beekan. Hojiin akkasii kun ammoo akka namoonni kun wal hin amanneefi liqii mata isaaniitiin gaafatan isaan godheera. Kun ammoo akka isaan wliin hin hojjenne gochaa jira. Namoonni fakkeenya baay'ee kan fudhatan yoo ta'u isaan kana keessaa ammoo qabeneyaa sirriitti bulchuu dhabuu, to'annaa dhabuu fi hojiin ifa hin taane jiraachuu isaa ibsuudhaan gochoonni akkasii kun yeroo garee hundeessan gargarsa muti mootummee fi mootummaa irratti akka hundaawan ibsaniiru.

Muldhata gara fuulduraa fi gargaarsa misoomaa

Namoonni baay'een gara fuulduraatti haala gargaarsi misooma irratti xiyyeeffate haala fooyy'e irratti yaada kennaniiru. Namoonni baay'een akka agarsiisanitti maxxantummaan gargaarsa irratti jiru kan hirdhisu pirojektoonni yoo haala ijaarsa qabenyaa irratti xiyyeeffatanidha jedhaniiru. Namoonni tokko tokko ammoo sagantaa hojii (haala jireenyaa) fi sagntaleen beeyiladaa babaldhachuudhaan nammoonni baay'een akka fayyadaman gochuu qabau. Namoonni baay'een ammas hojii qonnaa fi beeyiladaa irraa gara hojii biraatti

jijjiirrachuu qabu kun ammoo kan barbaachisaa ta'e lafti lakkoofsa namaa baay'ate qabachuudhaaf hin danda'u. Namoonni tokko tokko ammoo pirojektoonni galii maddisiisan pirojektoota qonnaan ala jiran magaalaa keessatti xiyyeeffannaa gochuu qabu jedhaniiru.

Akkuma kutaa misooma bu'uuraa irratti caqafametti namoonni guddina misooma bu'uura kan akka humna ibsa, jallisii, riqichaa fi daandiitiif gatii guddaa kennu. Gara fuulduraatti misoomaa fi saxilamuu hirdhisuudhaaf qonnaan bultoonni gabaa wajjin quunnamtiin qabaan guddachuu qaba. Horsiisee bulaanis akka agarsiisetti oomisha horii gabaatti yoo dhiyeessan qarshii baay'ee argachuu dandeenya jedhaniiru.

Namoonni baay'een barumsi dabalataa yoo kennameefii carraa hojii akka isanaiif banu yoo haasawanillee namoonni tokko tokko ammoo barumsa yoo fixanillee akka hojii hin arganne ibsaniiru. Namoonni tokko tokko ammo hojiin rakkina saaxilamuu yeroo dheeraa hirdisuudhaaf barbaachisaa akka ta'e ibsaniiru, keessumaayyuu ammoo gandootaa fi magaalota keessa namoonni jiraatan "nuti hojii ni barbaadna jedhaniiru."

Naannoo qotee bulaa fi horsiisee bulaa tokko tokkotti ammoo akka namoonni jedhanitti namoonni haala leenjii beeyiladaa fi tajaajila fayyaa horii akkasumas teekniika qonnaa irratti jechuunis kan akka biyyee kunuunsuu irratti barumsi gahaan yoo kennameefii haala qonnaa fi oomisha isanaii ni guddisa jedhaniiru. Namoonni baay'een ammoo odeefannoo fi leenjii fudhachuu irratti fedhii akka qaban kan haasawan yoo ta'u namtichi tokko ammoo" leenjii fi odeefannoo argachuun akka nuti baay'ee cimnuu fi of dandeenyu nu gargaara jedhaniiru.

Quunnamtii gara fuulduraatti qabu yoo caqasuu dhiisanillee namoonni baayy'een barumsa fayyaa, tajaajila fayyaa, qoricha (dawaa) fi ogeessota fayyaa kellaa fayyaa keessatti akka barbaadan ibsaniiru. Mandara tokko keessatti dubartii tokkoo fi ogeessi fayyaa haasofsiifne tokko ariidhan yoo dubbatan dubartiin tokko otoo kilomeetira baay'ee baatamtee gara mana yaalaa dhufaa jirtuu du'aa isheetiin baay'ee gadduu isaanii ibsaniiru. Itti dabalaniis duuti tokko tokko daandii gaariin yoo hojjetame dhorkamuu ni dand'a jedhaniiru. Daandii gariin hospitaaltti geessu yoo jiraatan fi ogeessi fayyaa kellaa fayyaa keessa yoo jiraatan namoota baay'ee du'a irraa oolchuun ni danda'ama jedhanuru.

Haala odeefannoo pirojektii gargaarsa misoomaa fi gargaarsa deebisanii ijaaruu/bayyaannataa

Namoonni gargaarsa kanaan duran fudhatan caalaa dabalataan akka barbaadan ibsaniiru. Gargaarsaa maxxantummaa irraa addaan bahu dhaaf baay'ee barbaadu. Haata'u malee, kana dhugoomsuudhaaf bu'uuroonni misoomaa (kan akka daandii, bishaan, fayyaa, barumsaa, leenjii, tajaajila fayyaa beeyiladaaf

godhamuu fi qonnaa kkf) miti mootummee idil- addunyaatiin yaaliin godhameera, Haata'u malee, namoonni akkuma duraani jejeedhaaf saxilamaniiru.

Namoonni baay'een waa'ee "gatii: waliin hojjachuu fi sagaataalee gargaarsi itti kennaman kana jajjabeessuudhaaf garee sagantaa leenjiitiif gaafiin ka'ee ture. Yeroo qabeenyaaleen xiqqoo jiraatan (akkuma yeroo hundumaa) murteen gargaarsi hawaasa hundumaaf haa godhamu moo ykn namoota tokko tokkoof qofa haa godhamu jedhu dhimma baay'ee barbbachisaa ta'e dha. Kun ammoo kan barbaachiseef firii jiru beekuufidha. Haata'u malee malli kan guddinaaf baay'ee akka gummaachu fi misooma itti fufiinsa fidu yaada wal makaatu jira. Gargaarsi kennamu namoota gargaarsicha hin fudhatiin akka irra caalee hiyyooman gochuu irra caalaa iyyuu "kiyyoo hiyyummaa Uumuu danda'a. Bakki barumsa dabalataa ta'u danda'u ammoo gargaarsi dhuunfaa fi moo hawaasaaf kennamutu irra firii gaarii fuduu danda'a kan jedhu hdha. Kamtu ammoo firii gaarii fiduu danda'a.

Qo'annoo dabalataaf ammoo kan hundee ta'uu danda'u fi kan nuti dhagahuu dandeenye dhaabbanni gargaarsaa tokko mala dimshaashaa (waliigalaa) fayyadamuun waan hawaasni baayinaan barbaadu hojjechuu moo pirojektoota adda addaa dhimma tokko irratti xiyyeeffachuu wayya.

VI. Dhimma sagantaa seefitii Neettii misooma irrattti.

Namoonni baay'een sagantaa seeftii neet misoomaa (seefitii Neetii) irratti haasoo adda addaa godhaniiru. Sagantaan kun kan adeemsifamu mootummaa Itoophiyaa fi dhaabbilee qabeenyaa uumamaa kunuunsuu fi misooma bu'uuraa irratti hirmaachuudhaan jechuunis hojii daandii, kallaa fayyaa, fi midhaan nyaafaa fi qarshii kennuudhaan hawaasa hojjechiisuudha. Naannolee sagaataan kun adeemsifamutti namoonni dadhaboo, jaarsolinni fi qaamni isaanii kan hirdhate akkasumas ijoollee warra hin qabne qofatu gargaarsa bilisaan argata. Dhaalilee idil- addunyaa baay'een kutaa biyyitti keessatti sagantaa Seefitii Neetii irratti kan hirmaate yoo ta'u sagantaan kun yeroo dhiyoo kan eegale waan ta'eef pirojektiin dhaggeeffachuu kun dhimm sagantaa seefitii neetii irratti yaada baay'ee dhagahuu danda'eera.

Kutaa xiyyeeffannaa fi fayyadamtoota irratti

Namoonni baay'een gandoonni tokko tokko maliif ergaan takkaa (irra deddeebiin) akka filataman yoo ibsan gandoonni tokko tokko irra deddebi'amanii sagantaa Seefiti Neetii fi sagantaalee qacarri hojii uumuu irratti (sagantaa mootummaan kennamu kan biraa) maliif akka kennamu gaafii qaban kaasaniiru. " Namoonnii fi maatiwwan tokko tokko qofti maaliif filatamu kan ammoo maaliif hin filafaman "jedhaniiru ykn" Namoonni tokko tokkoo pirojektoota adda

addaatiif maaliif filatmau kan ammoo maaliif hin filataman?" jedhanii gaafataniiru. Namoonni baay'ee akka amananitti mali nama ittiin filatan (fo'an) waraqaa irra yoo jiraateelee kan hojii irra oolu garuu kan otoo hon ta'in namoota filahciisaniindha jedhaniiru.

Fakkeenyeef Namtichii sagantaa hojii nyaataaf godhamu irratti dursa kanan kennu "warra baay'ee (cimanii hojjeetanii) fi dha. Namoonni baay'een waa'ee nama qoodanii dursa kenuu fi malaamaltummaa haasawaniiru. Namoonni tokko tokko ammoo akka jedhametti miti mootummeen rakkinoota akkasii irratti qondaaltota mootummaa ni sodaatu. Qondaaltonni bulchiinsa Godina irraa jiraan ammoo yaada miseensonni hawaasaa qaban irra deebi'anii haawawaniiru.

Naannolee baay'eetti qondaaltonni gandaa akka jedhanitti walgahiin ganda akeessatti godhamu tarreeffama fayyadamtootaa ibsuudhaaf kan godhan yoo ta'u namoonni baay'ee garuu waa'ee kanaa dhagahaniis ta'e ykn tarreeffama kana mirkaneessuudhaaf hin dandeenye. Gara boodaa ammoo maqoonni haarawaan tarreefamicharratti ni dabalamu jedhaniiru. Kanaafuu namoonni hojleen hojjetaman karaa ifa ta'uu qaba jedhaniiru. Dhimmi kun haala inni namoota rakkinaaf saaxilu yoo haasawan" Namootaan hiyyeessa jechuun Aadaan nuuf hin eeyyamu garuu hiyyummaan baay'ee rakkisaadha. Namoonni ammaa akka jedhanitti haalli aadaa yoo hin eyyamuufi ta'ellee hangam hiyeessa akka ta'e ni haasawu" Yeroo tokko tokko jaarsoliin fayyadamtoota adda addaa fiuudhaaf walgahii gochuudhaan ni hojjetu. Gareen dubartootaa horsiisee bulaa tokko akka jedhanitti mootummaan qarshii fi dheedhii argachuu jedhanitti namoonni hawaasicha keessa jiraatan "eenyu" akka hiyyeessa ta'e dubbachuu ni danda'u.

Hawaasa tokko keessatti namoonni gara 3800 ta'anii fi 680 ta'an gargaarsa midhaan nyaata irraa faayidaa argachaa jiru. Kana malees, namoonni baay'een midhaan nyaataa irraa fayyadamaa jiru. Namoonni baay'een "namoonni hiyyeessaa fi dhukkubsattoonni hedduutu jira, nammoonni kun ammoo tarreeffama "Seefitii Neetii" irraa hin jiran. Fakkeenyaaf dubartiin tokko akka jettetti yoo ijoollee baay'ee qabaatellee gargaarsa hin argadhu jetteetti kun ammoo kan t'auu danda'e maqaa abbaa manaa isheetiin waan galmoofteefi maatii tokko keessaa ammoo nama tokko qofaaf waan heyyamamuuf jecha pirojeeeeeektii hojii nyaataaf godhamu irratti hin hirmaattu. Waan kana ta'eefis sagantichaan ala ta'uu isheefi abbaaan manaa ishee ammoo gargaarsicha fudhatee gara haadha manaa isaa fi ijoollee hin galmoofneeffi ni geessa.

Namoonni tokko tokko ammoo rakkina namoota gandoota karaa irraa baay'ee fagaatu haasawaniiru. Namoonni kun karaa baay'ee deemuudhaan sagantaa " seefitii neetii irratti waan hirmaataniif bakka hojii igaarsaa gahudhaaf karaa baay'ee deemuu qabu. Bakkoota baay'eetti dubartoonni hojii manaa qaban saganticha irratti hirmaachuu dhaaf rakkina cimaa qabu.

Waldaan dubartootaa tokko akka ibsanitti koreeleen namoota sirriitti gargaarsa barbaadan hin galmeessan kun ammoo kan ta'uu danda'eef koreeleen kun "qabeenyaa gahaa ta'e waan hin qabaanneefi" Namoonni tokko tokko gargaarsicha fudhatan fooyyee agarsiisuu isaanii haasawaniiru. Garuu namoonni baay'een gargaarsichi hin fudhatiin amma hiyyeessotaa fi rakkinaaf saaxilamuu isaanii ibsaniiru. Kanaafuu, namoonni gargaarsicha hin argatin hafan kun waan hiyyoomaniif lakkoofsi hiyyeeyyii hawaasicha keessa jiru hin jijjiiramne.

Bakkoota tokko tokkotti ammoo namoonni miti mootummeen hammatama saganttaa Seefitii Neetii pirojektii keessaa akka bahan godhamaniiru. Jarreen kun saganticha keessaa akka bahan kan godhamee rakkinaaf oftuu isaan saaxilamanii jiraniiti.

Qoteebultoonni tokko tokko ammoo haala fayyadamtoonni seefitii Neetti itti filataman waan beeknuuf nuti mataan keenya otoo saganticharratti hirmaannee ni jaalanna jedhaniiru. Garuu, qabeenyaa gahaan hin jiru. Fakkeenyaaleen gaarii kan ta'an dhimma kanaa wajjin walqabatan ni jiru kana keessaas kan ka'uu malu qondaaltonni Aanaa tokkoo haala filannoo irratti namoonni quuqqaa waan qabaniif jecha qornnaa dhimmicharratti gaggeessaniiru. Akka isaan agarsiisnaittiis fayyadamtoota kana keessaa %90 akka sirriitti filattamanii fi adeemsa filannichaa sirreessuun namoonni baay'ee miidhaman (rakkinaaf saaxilaman) akka saganticha keessatti hirmaatan godhamaniiru.

Gargaarsa kennamu irraatti

Namoonni baay'een sagantaa seefitii Neetiitiin "hojii nyaataaf" Ykn hojii qarshiif" kennamu kana baay'ee ajaa'ibsiifatu. kana kan ajaaibsiifatanis "gargaarsichi tola kan kennamu waan hin taaneef hojiwwan bu'uura misoomaa adda addaa miseensota hawaasaa kan fayyadu waan ta'eefi dha." Qondaaltonni mootummaa yeroo adda addaatti waa'ee bu'uura misooma ijaaruu fi bu'aa isaa ni dubbatu. Hawaasnis ammoo waggoota sadii hanga shanii as sagantaa jalqabe kanaaf iddoo akka kennan ibsaniiru.

Miseensonni hawaasaa enyu qarshii ykn ammoo nyaata argachuu qabu hin beekani. Hawwaasnii adda addaa qarshii irra midhaan nyaataa akka filatan ibsaniiru kun ammoo kan ta'u danda'eef yeroo qarshii argannu " ni balleesina" waan ta'eef jedhaniiru. Namoonni tokko tokko ammoo qarshii akka filatan yoo ibsan qarshichas kuusuudhaaf ykn ammoo beeylada bituudhaaf waan nu fayyaduufi jedhaniiru. Namoonni baay'een ammoo akka jedhanitti qarshiin sagantaa seefiti Neetiin kennaman midhaan, huccuu bituuf qofa gahaa kan ta'anii fi jireenya fooyyeffachuu fi qabeenyaa ofii ijaarrachuudhaaf ammoo gahaa miti jedhaniiru. Qarshiin sagantichaan kennamu dabaluu qaba" jedhaniiru. Kana

malees, namoonni yeroo kafaltii fi hojii gidduu jiru irratti quuqaa (gaafii) adda addaa akka qaban ibsaniiru.

Bakka nuti do'ii goone hundumnaatti namoonni akka jedhanitti qooddaan miidhaanii sagantaa Seefitii Neetii fi haalli kafaltii sagantichaan godhaman kun nyaata maatiidhaaf godhamu hundumaa danda'uu qaba. Namichi tokko" Mucaa/ijoollee koo kam nyaachisuudhaaf kam filachuun qaba" jedhaniiru.

Namoonni baay'een ammoo imaammati Seefitii Neetii lafa dhuunfaa moo lafa baldhaa hawaasaa irratti adeemsifamuu qaba jedhanii gaafataniiru. Namoonni baay'een sagantichi jijjiirama yeroo dheeraa fiduudhaaf yoo barbaadame lafa uummataa (hawaasaa) fi lafa dhuunfa irratti xiyyeeffachuu qaba jedhaniiru.

Dhiibbaa gadhee hin eegamne irratti

Bakka adda addaatti namoonni akka jedhanitti yeroo fayyadamtooti gargaarsaa filataman hojiin ifa ta'e waan hin jiraanneef namoonni sagantaa irratti amantaa akka hin godhanneef sababa ba'eera kana malees hawaasee fi qondaaltota imaammaticha baasan gidduutti amantaan akka hin jiraanneef sababa ta'eera.

Namoonni tokko tokko ammoo akka yaada kennanitti malli gargaarsa hojii nyaataa fi hoji mallaqaa (qarshii adeemsifamu qooda fudhannaa Uummataa fi namni fedhiidhaan hojjetu akka hirdhisu godha kun ammoo namoonni akka hojii kafaltii irratti qofa akka hirmaatanii fi hojii hojjetaniif ammoo kafaltii akka gaafatan ni godha. Akka fakkeenyaatti ganda /mandara) tokko keessatti pirojektii bishan baasuu miti mootummeen tokko irrattti hirmaataa jiruf kafalti malee qooda hin fudhannu jedhaniiru. Kun ammoo kan ta'u danda'e namoonni erga sagantaa Seefitii Neeti irratti hirmaataniin booda dha.

Hawaasa tokko keessatti ammoo namoonni akka jedhanitti miti mootummeen tokko pirojektii fayyaa, barumsaa, bishaanii fi qulqullinaa irratti qooda fudhachaa ture yeroo ammaa dhaabbateera. Kun ammoo ta'uu kan danda'e erga sagantaan Seefitii Neeti eegalameen booda dha. Kana malees sagantaaleen uummata damaqsuu tokko tokko hin godhamne kun amoo kan ta'uu danda'eef xiyyeeffamaan amma kan kennamaa jiru Seefitii Neetti irratti waan ta'eefidha.

Namoonni magaalaa keessa jiraatan ammoo akka jedhanitti yeroo ammaa kan baay'ee rakkina of saaxila bahaniiru. Sababni kanaas isaan sagantaa seefitii Neetitti waan hin hammatamneefidha. Sagantaa Seefitii Neetii kanaan baay'ees akka miidhaan irra gahe ni haasawuu . Kun ammoo kana ta'u dand'eef qonnaan bultoonni sagantaa Seefitii Neettitiin waan hammatamaniif qarshii ykn ammo midhaan (nyaata) waan argataniif midhaan isaanii kuusuudhaan yeroo mi'aawu gati mi'aadhaan gurguratu jedhaniiru.

Pirojektii yaada dhaggeeffachuu sagantaa Seefitii Neetii irratti

Yeroo ammaa kana dhiibbaa sagantaa Seefitii Neetii qorachuudhaaf "baay'ee daa'ima" dha. Haata'u malee sagantaa kana irratti to'annaan hojiin ifa ta'ee fi quunnamtiin godhamuun isaa barbaachisaadha. Kun ammoo kan godhamuu (adeemsifamuu) qabu sadarkaa gandaa, Aanaa, Naannoofi mootummaa Federaalawaatti ta'uu qaba. Jechi sagantaan hojiin nyaataa fi qarshii kun namni hojii kafallii malee hin hojjedhu jedhnuu fi tokkummaa hawaasaa ni hirdhisa jedhu qo'annaa dabalataa barbaada.

VII. Tokkummaa fi Quunnamtii irratti

Tokkummaa qaama miti mootummee fi mootummmaa gidduu jiran (sadarkaa Godina, Aanaa fi hawaasa) irratti

Namoonni baay'een quunnamtii (tokkummaa) miti mootummee fi mootummaa gidduu jiru dabalaa dhufuu isaa irratti yaada garii kennaniiru kun ammoo kan eegale erga "disentaraalizeeshiniin" bara 2003 irratti eegaleen booda dha. Miti mootumee baay'een mootummaa fi hawaasa wajjin dhimmoota barbaachisoo ta'anii fi dhimmoota, pirojektii irratti ni mari'atu. Fakkeenyaaf Namoonni hawaasa tokko keessa jiraatan waa'ee pirojektii bishaanii miti mootummee tokkoon hojjetame yoo haasawan dhimma pirojektichaa adda addaa irratti miti mootummeefi bulchiinsi ganda tokkummaan qindaawanii waliin mari'achuun hojjetan jedhaniiru.

Haala kanaanis hawaansni hojii projektichaatiif kan gumaache yoo ta'u gumaachi godhame kun ammoo suphaa bishaan boombaatiif ooluu danda'eera. Namoonni akka jedhanitti pirojektichi akka yeroo dheeraadhaaf turu kan ibsan yoo ta'u kunis immoo kan ta'u bulchiinsi gandaa jalqabaa kaasee waan irratti hirmaateefidha jedhaniiru.

Kana malees miti mootummee fi qondaaltota mootummaa gidduu tokkummaa fi wal gargaarsi sagantaalee ittisa balaa fi fayyaa irratti ni jira jedhaniru. Akka fakkeenyaatti hoji gaggeessan kilinika mootummaa tokko leenjii miti mootummee tokko irratti qooda waan fudhateef yeroo ammaa dhukkuba busaa dhorkuu irratti qooda fudhachaa jira.

Qondaaltonni mootummaa akka jedhanitti "miti mootummeen hojii gaarii hojjetu" waa'ee sagantaalees fooramii miti mootummee fi mootummaa gidduutti goodhamu irratti ni mari'anna jedhaniiru. Haata'u malee, miti mootummeen rakkinoota akkamitti akka furmaata barbaadaniifi haasawaniiru. Qondaaltonni Naannoo ammoo akka ibsanitti ogantoonni isaanii pirojektootaaf deeggersa akka goonu nu gaafatu jedhaniiru. Kanaafuu sagantaaleen baasii xiqqoodhaan

furmaata argatu jechaa dha. Kana malee ajajni gubbaadhaa asiigadii darban gatii akka hin qabannee fi dhimma pirojektii irratti baay'ee hirmaachuu akka barbaadan ibsaniiru.

Qondaalli mootummaa tokko ammoo pirojektoonni miti mootummee idil addunyaa gargaarsa irratti kan hundaawan waan ta'eef jecha dhaabbileen kun qondaaltota mootummaa Naannoo wajjin dhimma bajataa fi sagantaa muldhata yeroo dheeraa irratti marii hin godhan. Qondaaltonni mootummaa tokko tokko ammoo akka ibsanitti pirojektoonni xumuramaniin booda mootummatti ykn hawaasatti dabarfamanii erga kennamaniin booda gargaarsa miti mootummee kana irraa ni barbaadu jedhaniiru. Yeroo sagantaan eegalamus yoo ta'e qarshiin kan ramadamu gubbaadhumaa waan ta'eef godinaaleenii fi Aanaaleen akka keessatti hin hirmaanne ibsaniiru.

Qondaaltonni mootummaa tokko tokkos pirojektoota to'achuudhaafis ta'e qorachuudhaaf carraa hin qabnu jedhaniiru. Kun ammoo fufinsa pirojektii miti mootumeen ijaaran irratti dhiibbaa ni godha jedhaniiru. Qondaaltonni lakkoofsaan xiqqoo ta'an ammoo pirojektoota miti mootummeen hojjetaman qoondaala mootummaa fuudhanii deemuudhan hojii to'annaa ni gaggeessu jedhaniiru.